



Milkaa'inni hidha laga Abbayyaarratti galmaa'aa jiru karooraawwan kaanis milkeessuuf shoora olaanaa qaba

- Milkaa'inichi ulaa galaanaa argachuufis daandii saaqa

Gammachuu Kadiririin

Jaarsoo ibsan.

Finfinnee: Milkaa'inni hidha laga Abbayyaarratti galmaa'aa jiru magaalota sochoosuudhaan karoora biyyaa kaanis galmaan ga'uu keessatti shoora olaanaa qaba jechuun Ambaasaaddar Shifarraa

Ministirri duraanii Bishaaniifi Inarjii Ambaasaaddar Shifarraa jaarsoo ibsa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan bu'aa ba'ii guddaa keessa darbuun tarbaayinooti sadaffaafi afraffaa xumuramanii waan hojii eegalaniif

Itoophiyaanota hundaaf gammachuu guddaadha. Anis akka nama dhimma hidhichaa jalqabarraa kaasee beekuutti mikaa'ina galmaa'etti gammadeera jedhan.

Akka ibsasaanitti, biyyi tokko guddachuuf qabeenya bishaan qabdu to'achuu qabdi.

Gara fuula 14tti

“Rakkoo dhiyeessii bishaan dhugaatii Harar furuuf hanqinni tajaajila ibsaa danqaa ta'e”

-Abbaa Taayitaa Bishaaniifi Dhangala'aa Hararii

“Rakkoo mudateef humni dabalataa gaafatamuu baatus rakkinicha furuuf hojjetaa jirra”

- Tajaajila Humna Ibsaa Naannawa Dirree Dhawaa

Gammachuu Kadiririin

Finfinnee: Rakkoo dhiyeessii bishaan dhugaatii Harar furuuf hanqinaafi addaan ciccitiinsi humna ibsaa danqaa ta'uu Abbaan Taayitaa Bishaaniifi Dhangala'aa Naannoo Hararii ibse.

Hojjaggeessaa Olaanaan Abbaa Taayitichaa Obbo Diinii Ramadaan ibsa

Gara fuula 14tti



Qooda konkolaataa elektirikii milkaa'ina imala dinagdee magariisaa keessatti

Natsaannat Taaddasaatiin


Finfinnee: Tajaajila konkolaattota elektirikii babal'isanii faalama qilleensaa hir'isuun sagantaa dinagdee magariisaa milkeessuu keessatti gahee guddaa qaba.

Mariin walitti hidhamiinsa konkolaattota elektirikiin socho'aniifi dinagdee magariisaarratti xiyyeeffate Kibxata darbe qaamolee dhimmichi ilaallatu hirmaachisuun Finfinnee, Galma Hoteela Hayilee Giraandi Addisitti adeemsifameera. Saganticharratti indastiriwwan anniisaa qusachuun fakkeenya gaarii ta'aniif badhaasniifi beekamtiin kennameera.

Ministeera Geejjibaafi Lojistiksiitti, Ogeessi Jijjiirama Haala Qilleensaa Obbo Yizangawu Yittaay akka jedhanitti, konkolaataan elektirikiin hojjetu addunyaarratti omishamuu kan jalqabe waggoota 200 dura. ALA bara 1935-40tti ammoo konkolaattota baatiriinsaani chaa'jeffamutu omishame.

Waan konkolaatonni boba'aadhaan hojjetan

Gara fuula 13tti



Humnoonni qilleensaa du'aatii haadhooliifi daa'immanii hir'isuuf duuluu qabu

Waasihun Takileetiin

Rakkoo ilaalchaa talaallii dhibeewwan garagaraaf kennamurra tureen talaallii fudhachuu dhabuun haadhooliifi daa'imman lubbuunsaniin sadarkaa addunyaatti darbaa ture olaanaadha.

Gara Afrikaatti deebinee yoo ilaallus sababoota gara garaa saayinsiirraa fagoo ta'aniin walqabsiisuun talaallii fudhachuu dhabuun walqabatee dhumaatiin haadhooliifi daa'immanirra qaqqabaa ture hammaataadha.

Dhibeewwan weeraraan walqabatan gara garaaf dursanii talaallii yoo fudhatanii ala miidhaan qaqqabu hammaataa waan ta'ee ammallee hojii hubannoo uumuu

Gara fuula 3tti

ODUU

Oromiyaatti bara barnootaa ittaanuuf kitaabileen miliyoona lamaa ol maxxanfaman

- Boorana Bahaatti hojii baruu barsiisuu bara 2017f qophii gahaan taasifame

Wayinisheet Kaasaafi Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannichatti bara barnootaa ittaanuuf ji'oota lamaan darbanitti kitaabileen miliyoona lamaa ol maxxanfamu Biiron Barnoota Oromiyaa beeksise. Boorana Bahaatti hojii baruu barsiisuu bara 2017 eegaluuf qophiin taasifamuun ibsame.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Girmaa Baay'isaa ibsa miidiyaaleef kaleessa kennaniin akka jedhanitti, hanqina kitaabilee sababoota addadaatiin mudataa ture furuuf ji'oota lama keessatti kitaabileen miliyoona lamaa ol maxxanfamaniiru.

Bara barnootaa darbetti akkuma biyyaattuu hir'ina mana maxxansaafi hanqina shara alaatiin walqabatee rakkoon raabsa kitaabaa mudatee akka ture yaadachiisanii, bara barnootaa ittaanuuf garuu xiyyeeffannoo addaa kennameen deeggarsa barbaachisu hunda taasisuun ji'oota lama keessatti kitaabileen miliyoona lama maxxanfamaniiru jedhan. Bara barnoota 2017tti hanqinni kitaabaa barana mudate akka fooyya'us dubbataniiru.

Imaammataafi sirna barnootaa biyyattiitiin hogganamuun filannoo otoo hintaane dirqama jedhanii; manneen barnootaa mootummaas ta'e dhuunfaati Afaan Oromoo akka barnoota tokkootti akka kennamu himaniiru. Kanneen immaammata kana



cabsuu yaalaniifi cabsaniif mootummaan araarama tokko malee tarkaanfii fudhataa jiraachuus ibsaniiru.

Manneen barnootaa godinaalee tokko tokkotti sababa rakkoo nageenyaatiin cufamaniifi barbadaa'an ilaalchisees waggoota sadan darbanitti manneen barnootaa kuma tokkoofi 650 miidhaman himanii, manneen barnootaa 422 cufamuu beeksisaniiru.

Manneen barnootaa kunneen bakkatti deebisuuf hirmaannaa ummataa tajaajila lammummaatiin, dhaabbilee deeggarsaa waliin ta'uun manneen barnootaa kunneen deebisuuf hojjetamaa jiraachuu kan himan Obbo Girmaan, hangitti akka barattooni barnootaa ala hintaaneef bakka dhiyeenya qabuufi gandoota ollaa deemanii akka baratan jajjabeeffamu jedhan. Dunkaana dhaabuun barnoonni akka ittifufu taasifamaa turuus eeraniiru.

Oduudhuma walqabateen Godina Boorana



Bahaatti bulchiinsa magaalaa aanaalee hundatti hojii baruu barsiisuu bara 2017 eegaluuf qophii gahaan taasifamuu waajjirri barnoota godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Diidaa Galgaloo ibsa Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka himanitti, waajjirichi sagantaa Biiron Barnoota Oromiyaa baasu bu'uureffachuun iddoowwan rakkoon nageenyaa bara darbe mudate dabalatee barattoota galmeessuuf qophii gahaa taasiseera.

Bara darbe naannawa Gooroo Doolaatti manneen barnootaa hedduun cufamanii truu yaadachiisanii, kunis hojii bara barnootaa ittaanutti akka irrahindeebi'amneef qooda fudhatoota waliin mari'atamuu himaniiru.

Galmeessi barattoota karaa dijitaalawaa ta'een kan raawwatamu ta'uus eeranii, ogeessota hojicha raawwataniifi raawwachiisaniif leenjiiin kennamuu

ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, barana barattoota bu'uura boruu kuma 23fi 551 manneen barnoota 106tti, barattoota sadarkaa tokkoffaa kuma 113fi 258 manneen barnoota 364tti; barattoota sadarkaa lammaffaa ammoo kuma 110fi 77 manneen barnoota 22tti galmeessuuf karoofameera.

Hojii baruufi barsiisuu godinichatti hojjetamaa jiru keessatti hirmaannaan ummataa sadarkaa gaariiratti kan argamu ta'uu himanii, ganna kana qofa hirmaannaa hawaasaatiin manneen barnootaa bu'uura boruu 20 ta'an, manneen barnootaa sadarkaan lammaffaa saddeetiifi manneen jireenyaa barsiisoota 29 ijaaramaa jiraachuus beeksisaniiru.

Godinichatti manneen barnootaa hedduun Shanneedhaan barbadaa'uu dubbatanii, hojiin manneen barnootaa kunneen suphuun xiyyeeffannoo addaatiin raawwatamaa jiraachuus eeraniiru.

Oromiyaatti galmeessi barattootaas Hagayya 27 hanga Qaam'ee 5 bara 2016tti kan gaggeeffamu ta'uu himanii, daa'imman umriinsaanii barnootaaf gahe hundi gara mana barumsaa deemuun galmaa'uu akka qaban waamicha dhiyeessaniiru.

Oromiyaatti kuma 37fi 959tti, barattoota miliyoona 12.3 simachuuf ta'uus dubbatanii, Fulbaana 7 bara 2017 barnoonni idilee akka jalqabamus eeraniiru.

Burraayyuutti lammiileen hanqina bishaan dhugaatiin rakkachaa jirra jedhan

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Jiraattotni Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Burraayyu, Aanaa Ejersa Gooroo, naannawa bakka addaa Shaklaa jedhamuu hanqina bishaan dhugaatiitiin rakkachaa jiraachuu ibsan.

Jiraattotni kunneen komii Gaazexaa Bariisaatiif Kibxata darbe dhiyeessaniin akka jedhanitti, otoo bakka burqaa bishaan Gafarsaatti dhiyaatanii jiranuu dheebuu bishaanitiin erga rakkachuu jalqabanii bubbulaniiru.

Jiraataan aanichaafi gaggeessaan Gooxii Suphee Lamaa Obbo Tasfaayee Bayyanaa akka jedhanitti, gandisaanii gooxii saddeet kan qabu yoo ta'u, isaan keessaa gooxiiwwan lama erga bishaan dhabanii ji'a jahaa ol lakkoofsaniiru.

Dheebuu bishaanii kun akka furamuufiif hawaasichi carraa argate hundaan gaafachaa turus hanga ammaatti furmaata argachuu hin dandeenye jedhanii; naannawichatti erga bishaan dhaabanii bilookiiwwan ji'a afur, shanis ji'a tokkos guutan jiru.

Kuusaan bishaan naannawichaa Baxarootti kan argamu ta'uu eeranii; yommuu kuusicharraa sararaan bishaan gara gooxiisaaniitti geeffamu gidduutti bu'uuraaleen misoomaa eessatti akka miidhame adda baafachuuf hojjetamaa jira deebiin jedhu kennamaafi turuu Obbo Tasfaayeen ibsaniiru.

Jiraattuun naannawichaa biroon Aade Muriddaa Hasan akka jedhanitti, naannawichatti namootni hundi bishaan dhabanii rakkachaa jiru. Keessattuu namootni mannisaanii lafa olka'aarratti argamu daran rakkachaa jiru. Dheebuu bishaanii kana

dandamachuufis bishaan rootto tokko hanga qarshii 700tti bitaa jiraachuus ibsaniiru.

Yaadota ka'an kunneen deeggaruun jiraataan naannawichaa Obbo Nugusuu Tasammaa jedhamanis akka jedhanitti, waggaa tokko dura naannawicha rakkoon bishaanii mudatee hinbeeku. Barana garuu, ji'a bishaan argatanirra kan hinargannetu caala.

Kaffaltii faanas walqabatee sistamni hinjiru jechuun kaffaltiin bishaanii ji'aan yommuu raawwatamu nama deddeebisuun baay'inaan ni mul'ata jedhanii; rakkoosaaniitiif mootummaan xiyyeeffannoo kennuu akka qabu jiraattotni gaafataniiru.

Tajaajila Bishaan Dhugaatiifi Dhangala'aa Magaalaa Shaggaritti Hojigaggeessituun Damee Olaanaa Burraayyu Aade Tsahaayi Kaasaa komii ummataa kanaaf yommuu deebii kennan akka jedhanitti, damicha rakkoolee lama; manca'uu tiraanisfoormariifi boolla keessatti manca'uu paampiitu mudate.

Bishaan erga badee akka hawaasni ji'oota lakkoofsiseera jedhee komate osoo hintaane torbee lama qofa.

Rakkinicha furuufis hojiin tiraanisfoormarii suphuu xumuurameera. Paampiin boolla keessatti manca'es hanga guyyoota lamaa keessatti suphamee torbuma kana keessa bishaan nigadhii'na jedhan.

Rakkoo bishaan dhugaatii kutaa magaalichaa waarinaan furuuf boolliwwan bishaanii lama Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin Gafarsa Ateeteefi Indastirii Gujeetti qotaman hojiitti galchuuf qooda fudhatootni hojjechuu akka qaban Aade Tsahaay gaafataniiru.

Jimmatti qaala'iinsi gatii fooyya'iinsa dinagdee gooroo hordofee mul'ate to'atame

• **Kenna tajaajilaarraa qarshii miliyoonna 7.5 yoo galii ta'u, bunnii tooniin kuma 72 gabaa addunyaaf dhiyaateera**

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Fooyya'iinsa dinagdee gooroo mootummaan labse hordofee qaala'iinsi gatii bakkawwan tokko tokkotti mul'ate ture to'atamuu Waajjirri Daldalaa Godina Jimmaa ibse. Hojii haareessa galmeeffii eeyyama haaraa baasuu, tajaajila dijitaalaa yizeeshinii babal'isuufi walitti hidhamiinsa gabaa hojjetameen jijjiirami argamaa jira.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Xaahir Abdu ibsa Jimaata darbe Gaazexaa Bariisaafi waajjirasaaniitti kennaniin akka jedhanitti, ce'umsa gara dinagdee damdaneessaati taasifamu milkeessuuf fooyya'iinsa diinagdee gooroo tibbana labsame hordofee qaala'iinsi gatii bakkawwan tokko tokkotti mul'ate tarkaanfii fudhatameen to'atameera.

Gatii dabaluu, omisha dhoksuu, gatii omishaa maxxansuufi eeyyama haareessu diduu, eeyyama malee daldaluu akaakuuwwan alseerummaa fooyya'insicha sababeffachuudhaan godinichatti mul'atan ta'uu akka fakkeenyaatti kaasaniiru. Alseerummaa kana gara seeraatti deebisuuf tarkaanfiiwwan bulchiinsaa, siyaasaafi seeraa fudhatamaniiru.

Karoori godinaarraa eegalee hanga gandaatti qophaa'e qaamolee dhimmichi ilaallatu bira ga'eera. Erga koreewwan dhiyeessii omishaaleefi teknikiis hawaasa daldalaafi waldaalee siivikii waliin hojiin hubannoo uumuu hojjetamee booda akka tarkaanfii fudhatamu ta'eera.

Haaluma kanaan dhaabiilee daldalaa kuma 27 bira ga'uuf karoofame keessaa dhaabbilee kuma

24fi 954 bira ga'uun hojiin hordoffiifi to'annoo gaggeeffameera. Kanneen daawwataman keessaa dhaabbileen kuma 22fi 358 seera qabeessa ta'uu himanii; dhaabbileen kuma 2fi 590 ta'an seeraan ala ta'anii argamaniiru.

Daldaloota 970f ofeeggannoo, dhaabbilee daldalaa 961 gorsaan, 665ammoo saamsamaniiru, dhaabbileen 38 mana murtiitti himatamaniiru. Adabbii qarshii gaggeeffameenis qarshiin kuma 120 ta'u mootummaaf galii ta'uu eeranii; meeshaaleen seeraan ala socho'aa turan to'atamuudhaan qarshii miliyoona tokkoofi kuma 418fi 697 gurguramee mootummaaf galii ta'uu ibsaniiru.

Rakkoo kana hundeerra furuuf omishaaleen gatiin ittibalamaniiif dhokfamuu hanqinni omishaa akka mudatu taasifaman kanneen akka zayitii, makaroonii, paastaa magaalaa Jimmaafi aanaalee naannawa magaalattiitti argamanitti gabaa Sanbataa hundeessuun gatii tasgabbeessuun danda'meera jedhan.

Dabalataanis, waajjirichi galmee haaraa, eeyyama haaraa, haareessa eeyyama dura turee, hojii dijitaalaa yizeeshinii, walitti hidhamiinsa gabaarraatti xiyyeeffachuudhaan hojii bal'aan hojjetamaniiru. Haaluma kanaan bara 2016tti galmeen haaraa 4,500 banamuu, eeyyamni haaraa 6,500 akka banamu ta'eera. Haareessa eeyyamaa 26,664 gaggeeffamuu himanii; tajaajila haareessaarraa qarshii miliyoona 7.5 argame mootummaaf galii ta'eera jedhan.

Hojii walittihidhamiinsa gabaatiin walqabatee bunnii tooniin kuma 72 gabaa addunyaaf dhiyaateera. Muuziifi avokaadoo kiiloogiraama 252s alergiif oolchuun danda'ameera.



Marii biyyaalessaarratti hunduu hirmaannaasaa cimsuu qaba

Rippooartara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Mariin biyyaalessaa rakkoo biyyaalessaaf furmaata waaraa qabatee kan dhufe boqonnaa seenaa qabeessa waan ta'eef hunduu hirmaannaasaa cimsuu qaba jedhan Komishinari Marii Biyyaalessaa Ambaasaaddar Mahaammud Diriri.

Komishiinichi sagantaa ajandaa walitti qabuu magaalaa Hawaasaatti geggeessaa kan jiru yoo ta'u, sirnicharratti kan argaman Ambaasaaddar Mahaammud "Waltajjiin mariin biyyaalessaa boqonnaa seenaa waan ta'eef kan nu darbuu hinqabneedha" jedhan.

Garaagarummaan sababa adda addummaa yaadaatiin uumaman akkasumas rakkooowan walitti bu'insaa hedduun mari'achuun furamuu qabu jedhaniiru.

Hanga ammaatti sagantaa ajandaa marii walitti qabuu naannoleefi bulchiinsa adda addaatti taasifame milkaa'aa ture jedhaniiru.

Waltajjicharratti kutaaleen hawaasaafi qaamoleen dhimmichi ilaallatu kuma tokkoofi 800 ol hirmaachaa jiraachuun ibsameera.

Waltajjiin ajandaa walitti qabuu naannichatti gaggeeffamu kunis guyyoota Roobiiirraa kaasee guyyoota torbaaf akka turu eerameera.

Waltajjiin marii ajandaa walitti qabuu kun Naannoo Itoophiyaa Jiddugaleessaatti har'a, Hagayya 25 bara 2016 kan eegalamu ta'uu Komishinari Komishinichaa Doktor Yoonaas Addaayee ibsa kaleessa Magaalaa Hoosaa'inaatti kennaniin eeruusaanii odeeffannoon kimishinicharraa argame ni ibsa.

Sirreeffamtoota seeraatiif dhiifamni ta'e Hagayya 20 irraa eegalee hojiirra oole

Gammchuu Kadiriin

Finfinnee: Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin dhiifami sirreeffamtoota seeraaf ta'e Hagayya 20 /2016 irraa eegalee hojiirra ooluu Biiron Abbaa Alanagaa Waligalaa Oromiyaa ibse.

Hoogganaan biirichaa Obbo Guyyoo Waariyoo ibsa Roobii darbe gaazexeessitootaaf waajirasaaniitti kennaniin, dhiifamni sirreeffamtoota 3611 gocha yakkaatiin adabamuun mana sirreessaa keessa turanii Hagayya 20 bara 2016 irraa eegalee hojiirra ooluusaafi kanneen keessaa 3364 dhiira, 247 ammoo dubartoota ta'uu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, bu'uura heera naannoo Oromiyaa, keeyyata 57, keeyyata xiqqaa 3tti, pirezidaantiin namoota gocha yakkaatiin adabamuudhaan mana sirreessaa keessaa sirreeffamaa jiraniif dhiifama gochuu akka danda'u tumameera. Heera kana raawwachiisuufis labsiin 114/98 jira. Labsiirratti hundaa'uudhaan qajeelfamootni ba'aniiru.

Bu'uura heeraafi labsichaatiin boordiin dhiifamaa akka barbaachisummaasaatti sirreeffamtoota seeraa bara 2016 calalee pirezidaantiif dhiyeesseera. Pirizidaantiinis kanarratti hundaa'uun sirreeffamtoota seeraa 3,611f dhiifamni taasifameera jedhan.

Dhiifamni taasifames ulaagaa dhiifamni ittiin kennamu hordofee geggeeffamuu himanii; sirreeffamaan tokko yeroo turtii sirreeffamaasaa keessatti yoo gaabbeefi sirrate, maatii miidhamaa waliin araarama,



Obbo Guyyoo Waariyoo

iyannoo dhiyeeffate, yoo adabbii hidhaafi maallaqaa guutumaatti raawwate dhiifamni akka taasifamuuf ulaagaa dhiifama idilee keessaa akka fakkeenyaatti kaasanii.

Sirreeffamtoota haala addaatiin dhiifamni taasifamuuf namoota ragaa sobaatiin itti murtaa'e ta'uun dargaggoonni umurii waggaa 18 gadii adabbii itti murtaa'e keessaa tokko afraffaa kan xumuran, dubartoota daa'ima qabatanii mana sirreessaa keessa jiran, dubartii ulfaa baatii afurii ol taatee adabbiin itti murtaa'e keessaa tokko afraffaa kan xumure, dhiira umuriiin waggaa 65 ol dubartiin 60 ol ta'an adabbii ittimurtaa'e keessaa tokko afraffaa raawwachuusaanii yoo mirkanaa'e dhiifama argachuu danda'uu jedhan.

Yakkoota bu'uura heeraa, keeyyata 28 raawwatamaniin walqabatee sirreeffamtoota dhiifami hinilaallanne sirreeffamtoota murtiin du'aa itti murtaa'e, dhiifamaan ba'ani yakka biraa raawwatan yoo ta'e, yakka saamichaa, ragaa sobaa kennan, yakka malaamaltummaa, godaansa seeraan alaa, shororkeessummaa, kontorobaandiifaa akka fakkeenyaatti kaasanii.

Humnoonni qilleensaa...

miidiyaaleen (humnoonni qilleensaa) taasisan cimoon akka irra jiraatu Biiron Fayyaa Oromiyaatti Daarektarii Fayyaa Haadhooliifi Daa'immanii ibsaniiru.

Kanaan dura hubannaa dhabuun walqabatee talaalliwwan garagaraa kennamuuf eeyyamamee kan fudhatu muraasa ta'uus kaasanii; du'aatii haadhooliifi daa'immaniif sababa ijoo ta'uu ibsu. Bara 1974 talaalliin tokko jedhee eegalamuu Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa ("WHO")n yoo ibsamu hojiirra ooluusaatiin walqabatee du'aatiin haadhooliifi daa'immanii akkaan hir'isuu akka jalqabedha ragaaleen qorannoo kan agarsiisan.

Akka ibsa ragaalee qorannoo kanneeniitti talaalliin jalqabamuusaatiin walqabatee akka addunyaatti duuti namoota miliyoona 154 irratti qaqqabuu danda'u akka hafu ta'ee jira.

Sadarkaa addunyaatti fudhannee yoo ilaalle waan talaalliin kennamuu eegaleef duuti daa'immanii dhibbantaa 40n kan hir'ate yoo ta'u, sadarkaa Afrikaatti ammoo dhibbantaa 52n gadi bu'uu danda'eera.

Kanaan dura dhimmi talaalii dursanii fudhachuu du'a baraaruu danda'a jedhamee karaa ogeeyyi fayyaafi miidiyaalee haa labsamu malee rakkoo ilaalchaa turerraa kan ka'e dhimmamanii fudhachuunis ta'e talaalamuun daran gadaanaadha.

Har'as fudhannee yoo ilaallee dhibeewwan haadhooliifi daa'imman gaaga'uu danda'an battalaan maqsuuf talaalliin akka kennamuu ta'us kaka'umsi jiru keessummaa amantaan, ilaalcha boodatti hafaan walqabatee gadi bu'aan ni mul'ata.

Kunimmoo osoo talaalamani fayyauun danda'amu rakkoo ilaalchaafi hubannoo uumamuun duuti akka qaqqabu taasisaa jira.

Hudhaan kun gorsa ogeessota fayyaafi humnoota qilleensaan deeggaramuun hubannoon yoo uumameen alatti gaaga'anni mudatu nihir'ata jechuun hindanda'amu.

Haati tokko lubbuu laachuuf lubbuu dhabuun, daa'imni dhalatee fayyaaleessummaansaa sirriitti mirkanaa'ee abdi egeree biyyaa ta'uu osoo malu karaatti cituun maatiis ta'e biyya keenya gatii hinmalle kaffalchiisuu danda'a.

Kanaafuu, dhaloota fayyaa qabu omishawaa egeree biyyaaf wabii ta'uu danda'u horachuuf dhibee dursinee ittisuun barbaachisaadha kan jedhan Obbo Abbabaan, humnoonni qilleensaa qooda isaanirraa eegamu bahachuun barbaachisaa ta'uu dubbatu.

Talaalii dhibee Koronaaf kennamaa ture akka fakkeenyaatti yoo fudhannebakkawwan tokko tokkotti rakkoo hubannaarraa kan ka'e namoonni fudhachuuf eeyyamamoo hinturre. Sababiinsaas hubannaa dhabuurraa kan ka'e harkifannaan ture xiqqaa miti.

Lammiileen miiliyoonaan lakkaa'aman sadarkaa addunyaatti dhibee Koronaan dhuman kunniin talaalii dursanii osoo argataniiru ta'e hedduusaanii baraaramuu akka danda'an eenyumaafuu ifa.

Haata'u garuu rakkoon ilaalchaa talaalliin walqabatee Afrikaa keessa jiru ammallee kan hincabne waan ta'eef du'aatii haadhooliifi daa'immanii akkaataa barbaadameen to'achuurratti hanqinni jira.

Hanqina rakkoo ilaalchaa gama kanaan jiru maqsuuf miidiyaaleen irratti hojjechuun barbaachisaadha kan jedhan Obbo Abbabaan, hawaansis gorsaafi hubannoo kennamu dhaga'uun lammii fayyaqabeessa omishawaa ta'e akka horannuuf tumsuun akka irra jiraatu eeru.

Akka ragaan qorannoo bara 2020 hojjetame agarsiisutti sadarkaa addunyaatti haadhooliin 287,000 ulfaafi da'umsaan walqabatee lubbuusaanii dhabuu mul'isa.

Achi keessaa dhibbantaa 87 Eeshiyaa, Afrikaafi biyyoota Sahaaraa keessatti kan mudatu yoo ta'u, Sadarkaa Afrikaa keessumaa biyyoota sahaaraa keessatti duuti haadhoolii ulfaafi da'umsaan walqabatee mudatu dhibbantaa 70 (202,000) ta'uu ragaan qorannoo fayyaa haadhoolii 2020 hojjetame ni agarsiisa.

Haadhooliin maaliif du'u isa jedhu wayita ilaallu ragaaleen akka ibsanitti dhiiga humnaa olii da'umsaa booda mudatuun, infeekshinii uumamuun, dhiibbaa dhiigaa yeroo ulfaa qaqqabuun, da'umsarratti of eeggannoo taasifamuu qabu dhabuun mana yaalaa alatti yaalii da'umsaa tasifamuun, garaarraa baasuuf yaalii taasifamuufi Aneemiyaa hanqina dhiigaan walqabata jedha ragaan Biiron Fayyaa Oromiyarraa arganne.

Haadhooliin utubaa manaa ta'an mana keessa dhibuun abbaa manaafis ilmaaniifis caba xinsammuu guddaa yoo ta'u egeree jiruuf jireenya maatiifi biyyaarratti miidhaa waan fiduuf du'aatii haadhooliifi daa'immanii bor wanii biyyaa ta'an maqsuuf gorsa ogeeyyota fayyaatiin ala duulli humnoota qilleensaa

murteessaa waan ta'eef xiyyeeffannoon kennamuu qaba.

Dhimma kanaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuun akka sabaattis akka biyyaatti gatii guddaa nukaffalchiisuu akka danda'u ragaaleen qorannoo kan ibsan yoota'u, miidhamni haadhooliifi daa'immanii miidhama keenya ta'uu hubannee irratti hojjechuun barbaachisaadha.

Yeroo ammaatti du'a mudachuu danda'urraa haadhooliifi daa'imman baraaruu hubannoon talaalliif qabnu fooyya'uun irra jiraata kan jedhu yoo ta'u qorannoon kun xiyyeeffannoon yoo hinlaatanne miidhaan haadhooliifi daa'immanirratti qaqqabu gatii kan nukaffalchiisuu ta'uu hubatamuu qaba.

Haadhooliifi daa'imman fayyabuleessa horachuuf ilaalchi talaalliif qabnu jijjiiramuu qaba. Kanamalees hordoffiin mana yaalaa dhaqanii ilaalamuu haadhoolii dabaluu qaba, wayita da'umsaa mana yaalaatti da'uun barbaachisaadha, karoora maatiitti fayyadamuun murteessaadha, seeraan ala ulfa garaarraa baasuuf yaaliin taasifamu du'a qaqqabsiisuu akka danda'u dagatamuu hinqabu.

Kanamalees du'a gama kanaan qaqqabuun miidhaan hawaasummaa, dinagdeefi kan biroo mudachuu waandanda'uuf gamanumaa du'aatii haadhooliifi daa'immanirratti hojjechuun barbaachisaadha.

Hawaasa fayya buleessa oomishawaa ta'e horachuuf fayyaa haadhooliifi daa'immanirratti hojjechuun murteessaa waan ta'eef hojii hubannoo uumuu miidiyaaleen taasisan yoomiyyuu caalaa cimoon irra jiraata.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Hagayya 25 Bara 2016



**“Bakka gataa kosii
fuduraan misoomsuun
ji’aan hanga qarshii
kuma16 argachaan jira”**

- Dargaggoo Doolaar Hadii

fuula **8**



**“Oromoon waan qabsoo abbootii
keenyaan ifuu eegalte tana
harkatti qabatee, waan hafteef
walitti dhihaatee mari’achuun
dhimma filannoo qabu miti”**

- Artisti Elemoo Alii

fuula **6**



**Waamicha
Diyaaspooraa
Oromootiif: Irreecha
2024f gara biyya abbaa
keessanii koottaa!**

fuula **16**

Ijoo Dubbii

**Irreechaa
2017/2024**



Irreecha 2017/2024 hawaasa diyaaspoora waliin

Biyyi keenya yeroowwan adda addaatti dhalattootashii biyyoota alaa jiraaniif taateewwaniifi ayyaanota adda addaa da'eefachuun waamichawwan gara garaa taasisaa turteetti.

Waggaa lama durallee mataduree, "Namoota miliyoona tokko gara biyyaatti" jedhuun Itoophiyaanonniifi michuwwan Itoophiyaa guutuu addunyaatti argaman akkasumas dhaloonni lamaffaan akka gara biyyaa dhufaniif Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad ('PhD') waamichi dhiyaateera.

Barana ammoo Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaas diyaaspoora Oromootiif waamicha, "Irreecha 2024f gara biyya abbaa keessanii koottaa" jedhu dabarsaniiru.

Jalabultii kabaja ayyaana Irreechaa bara 2017 (ALA bara 2024) kanatti, obboloota keenya biyya alaa jirtan hundaaf gara biyya keessaniitti deebitani ayyaanicha akka nu waliin dabarsitan affeeraa onneeraa madde isinii dhiheessuun barbaada jedhan.

Irreechi eenyummaafi achii-dhuftee keenya. Irreechi hafuura socho'aa ummata Oromoo waggoota kumaatamaa ofkeessaa qaba. Hambaan seenaafi duudhaan badhaadhe kun, addunya kanarra eessayyuu yoo jiraanne, hidda dhiigaa keenya keessaa kan naanna' uudha.

Sirni ayyaanichaa, araara arganneef, galata uumaa keenya Waaqaaf, akkasumas marartoo waliif qabnu ibsachuuf, xurree abbootii keenyaa argachuufi hidhata cimaa dachee nubaattu waliin qabnu haaromfachuuf carraa nuu kenna.

Mirgi kabaja ayyaana Irreechaa ummata keenyaa jaarraa tokkoo oliif sarbamee turuun seenaa kaleessaati. Sirnoonni darban duudhaa kana moggeessuuf ittuduulaniiru; hidhata ummanni keenya ittiin qabu kutuufis hojjetaniiru. Ta'us abbootiin keenya hinjilbeeffanne.

Waregama hinleeyyamfanneefi qabsoo baroota dheeraatiin badiirraa oolchaniiru. Adeemsi kun, jabina, dandamannaafi kutannoo hinreeqqifne ummanni Oromoo hambaa aadaasaa tiksufi kunuunsuuf qabuuf, ragaa yoomiyuu hindhokanne ta'ee dhaabata.

Kurnee lama dura yaa'ii lakkoofsa namoota xiqqaan, Hora Harsadiitti irradeebiin kan jalqabame Irreechi, har'a feestivaala damboobaa ta'eera. Waggaa shanii as ammoo, Irreechi Hora Finfinnee haaromee, magaalaa guddoofi handhuura Oromiyaa, Finfinneetti kabajamuun madda gammachuufi milki miliyoonotaa ta'aa jira.

Har'a Irreechi duudhaa yaadatamu qofa osoo hintaane, hambaa kiliyaafi taatee addaa muuziqaa, faarfannaa, hurrisaafi miira tokkummaa cimaa ta'een jiraatamuudha. Akkasumas, gara ayyaana guyyaa galateeffannaa biyyooleessaafi kaarniivaala gammachiisaa namni kamuu keessaafi alaa waloon irratti hirmaatuufi jaalalaan itti walaffeerutti ce'eera.

Golee Itoophiyaa hundarraa, namoonni hedduun Irreecha ulfeessuuf, eebbasaarraa hirmaachuuf, akkasumas ulfina hinsheeyinofne kanarratti ummata keenya walachuuf tokkummaan argamaa jiru. Irreechi maddasaa ummata Oromoo bira darbee, sabootaaf mallattoo abdi, ofkaltiifi araara ta'eera.

Irreechi daangaa Oromiyaafi Itoophiyaa qaxxaamuruun bara darbe, obboloonni keenya Oromoo biyya Keeniyaa, daangaa idil-addunyaa ce'uun nu waliin hirmaachuun gamtummaa cimaa qaban nuu ibsaniiru.

Barana ammoo Oromoon addunyaa mara irra jiru ayyaanichaaf fuulasaa gara lafa eenyummaasaatti akka deebifatu abdanna. Irreechi ummata Oromootiif faajjii tokkummaa daangaa siyaasaa, bakka jireenyaa, amantaafi ilaalcha siyaasaa caalu ta'eera.

Kanaaf Oromoon daangaa addunyaa maratti argaman Irreechi isiniin guutuu ta'a; malkaan isiniin miidhagaa waan ta'eef koottaa! Nuti gama keenyan, fuula ifaafi miira obbolommaatiin, biyya abbaa keessaniitti isin simachuufi isin keessummeessuuf qophiidhaa.

Yaada/Ajandaa



Waamichi ummichaa owwaanaa argachuu qaba

Iyyannaan lammiilee Shawaa Kaabaa dhageettii barbaada

Taammiruu Raggaasaatiin

Ummanni Shawaa Kaabaa tibbana naannoleefi magaalota adda addaatti ba'uun rakkoo nageenyaa keessa jiru duudhaa aadaatiin dirreetti bahee ibsateera.

Qotee dilbeessuu, kan beela'e nyaachisuu, keessummaa garaagarummaa tokko malee aannan obaasee simachuu kan beeku ummatni Shawaa Kaabaa rakkoo nageenyaa isa mudateen qe'eensaa onee xinnaafi guddaansaa gidirfamee rakkinichi humnasaatii ol taanaan nagayaa labsuuf dirreetti bahe.

Hayyuun Gadaa Tuulamaa Caalaa Soorii waamicha nageenyaa ummatni godinichaa dirreetti bahee taasisaa jiru kana ilaalchisee yaada Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, hawaasichi akkaataa duudhaa sirna Gadaatiin bahee nagaya lallabachaa jira. Ummatichi ijoolleesaa waanjoodhaan camadee farda luugamaan qabee, durba buqqee duudaa baachisee kallachaafi caaccuu qabatee manaa bahee waamicha nageenyaa taasisaa jira.

Yoo barri hammaate, yoo hongeen cime, yoo dhukkubni hammaate, yoo waraanni cimee akkaataa ummatichi itti bahe kanaan ba'ama. Rakkoo nageenyaa mudate yoo mariidhaan furan malee dhumaatii lammiilee kanneenii hambisuun hindanda'amu.

Waraana keessatti eenyu maal akka hojjechaa jiru beekuun dadhabamee daa'imman, dardarran, dubartoonniifi maanguddootni du'aas gidirfamaas jiru. Waraanicha sababeefachuun saamichi, dhiitaan mirga dhala namaa, hammeenyi gara jabinaan guutame babal'achaa jira. Hayyoota baay'ees of biraa dhabaa jirra jedhu.

Namni manaa bahee hojjetachuu waan hindandeenyeef beellis hammaachaa jira, lafti qotamee omisha kennuu danda'us humni omishuu danda'u waan buqqaa'aa jiruuf iddoon midhaan biqilchu lafa ba'ee muujjaan irratti margaa jira.

Akkuma Oromoon, "Reeffa firaa sagal garagalchu" jedhee mammaaku ammas carraan jiru araara qofa waan ta'eef araari akka taasifamuuf ummatni Oromoo guutuunis ta'e, qaamotni araara mootummaafi qaamolee hidhatan araarsuu keessatti qooda qaban nuffii tokko malee tattaaffiin kanaan dura marsaawwan garagaraatiin jalqabamee ture akka ittifufuuf hojjechuu qabu.

"Yaa Rabbi Araara" jedhee kan weellisaa weellisaa abbaa sagalee kiilolee Weellisaa Dajanee Jaalataas, gaafa nagaa qaban gatiin nageenyaa hagam akka ta'e namaa hingalu, Salaaleetti nageenyi dhabamna namni du'e awwaala dhabe, ba'ees galuu dadhabe, qonnaan bulaan omishee gabaaf dhiyeessaa ture har'a lubbuu ofi oolfachuuf jecha qe'eesaa, lafa itti handhuura buqqifate gadhiisee kabajasaas gatee jireenya hawaasummaasarraas gargar bahee namatti maxxanee jiraachuuf dirqame.

Godinichatti lubbuun namaa rakasee; namni akka hoolaatti qalamaa, osuma lubbuun keessa jirus abiddaan gubachaa qabeenyisaas gubachaafi saamamaa waan jiruuf akka sangaatti daa'imasaa camadee waaqatti boo'uuf manaa bahe. Waaqa qofa osoo hintaane qaamotni dhimmichi ilaallatu xiyyeeffannoo akka kennaniif ergaa dabarfachuuf hiriire.

Ilmaan abbaa tokkoo yoo waldhaban Oromoon duudhaasaa ganamaatiin akka ittifuru waan qabuuf rakkinicha furuuf duudhaa Oromummaa ganamaatti deebi'uun dhimma filmaata hinqabneedha.

Oromoon dhugaan ilmoo Waaqaati jedhee waan amanuuf araari dhugaarratti hundaa'e taasifamuu qaba. Qaamolee seeraan ala hidhatanii Oromiyaa keessa socho'uun ummaticharratti gidiraa agarsiisaa jiranirratti tarkaanfii keessa deebii hinqabne fudhachuun dachee Oromiyaa dachee nagayaa gochuun daran murteessaadha. Iyyannaan lammiilee Shawaa Kaabaa dhageettii argachuu qaba.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaahuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

KEESSUMMAA BARIISAA

“Oromoon waan qabsoo abbootii keenyaan ifuu eegalte tana harkatti qabatee, waan hafteef walitti dhihaatee mari’achuun dhimma filannoo qabu miti”

- Artisti Elemoo Alii

Bayyanaa Ibraahimiin

Haftee qabsaa’ota Afran Qalloo, hangafa abbaa meeshaalee muuziqaa, walleewwan qabsoo sabaa irraa hanga jaalala biyyaatti, meeshaa muuziqaa akaakuuwwan hedduu taphachuurraa hanga muuziqaa albamii 14 baaseera.

Sagalee kiiloleesatiin sirbee nama bashannansiisuurraa hanga artistoota guguddoo akka Qamar Yusuuf, Nuhoo Goobanaa, Habtaamuu Lamuu, Daagim Mokonniniifi kaaniif sirba hojjatee kennuutti beekama. Torbee har’aa immoo Albamii haaraa mataduree, “Teenya Urjiin” jedhuun kan baase Adeeroo Artisti Elemoo Alii keessummaa Bariisaa maxxansa kanaati.

Bariisaa: Jalqaba mee dubbistoota keenyaan osoo walbartee? Artisti Elemoo eenyu waan jedhu Oromoon wallaalu jiraachuu baatus otoo achirraa eegallee?

Artisti Elemoo: Essatti akkan dhaladheefi guddadhe namni sirboota koo beeku kamuu hinwallaalu. Atis yoo dirqama kana ibsuu qabda ta’e intarneetiirra waan jiruuf achirraa argachuu dandeeffa. Erga nagaafatee immoo Harargee Bahaa, Magaalaa Hara Mayaatti dhaladhee naannawuma sanatti guddadhe.

Yeroon ani ijoollummaarraa gara dargaggummaatti ce’aa jirutti qabsoon Oromoo gama aartiitiin naannawa sanatti fiiniinaa turte sun anas garasitti na harkiftee umrii dargaggummaatiin gara qabsoo Oromoo gama muuziqaafi aartiwwan gara garaatiin yeroo sana fiiniinaa turetti dabalame jechuudha.

Bariisaa: Yoom gara muuziqaatti dabalante?

Artisti Elemoo: Kanin albamii jalqabaa baase waggaa 40 dura. Akka lakkoofsa Faranjiitti naannawa bara 1978tti jechuudha. Ani yeroo duraa gara aartiitti kanin dabalame akka nama muuziqaaf sirbuutti osoo hintaane, jalqabarratti akka nama meeshaa muuziqaaf, keessattuu harmoonikaa taphachuudhaani. Boodarra garuu akkuma hojii aartii muuziqaaf gara garaa keessatti baay’inaan hirmaadhee meeshaa muuziqaaf kana taphachuun fedhiin muuziqaaf qabu dabalaa dhufe.

Akka carraa ta’ee ani ogeessa meeshaa muuziqaaf ta’us sagaleen koo muuziqaadhaaf kan uumame waan tureef gara muuziqaatti yerookoo eeggadhee makameera. Artistoota Oromoo keessaa meeshaalee muuziqaaf hedduu taphachuudhaanis warroota duraa keessa akkan jiru namootni natti himu.

Kanaaf waliigalaan waggoota 40 oliif aartii Oromoo keessatti waanin danda’eeffii narraa eegamu bahachaa tureera.

Bariisaa: Mee sirboota albamii jalqabaa bara 1978 bahe keessaa kan yaadattu osoo nu yaadachiistee?

Artisti Elemoo: Sirboota albamii jalqabaa keessaa kanin amma yaadadhu, “Baadhachuu dadhabnee bittaa lafa jalaa, qawwee fannifatee, Goobana Daaccee” kanaafi kanneen biroos jiru jechuudha.

Haalli yeroo sana ture waa’eedhuma qabsoo Oromoo finiinsuufi gabrummaa ummatarra turte qabsoo qawweetiin ummatarraa kuffisuurratti kan xiyyeeffannee hojjachaa turre waan ta’eef sirbootni yeroo sana bahan hundi kallattiidhaanis ta’ee karaa dhoksaatiin xiyyeeffannaansaanii waa’eedhuma qabsooti.

Kanarraa kan ka’e bifa guutummaatti jechuun danda’amuun albamni koo inni jalqabaa sirbootuma waa’ee qabsoo ummataa kana karaa dammaqina ummataa uumuudhaan gara fuula duraatti tarkaanfachiisuurratti kan fuulleeffataniidha jechuudha.

Bariisaa: Yeroo Baandiin Afran Qalloo hundaa’u achi keessattis hirmaannaa qabdaayyuu laata? Achumaanis shoora Afran Qalloo qabsoo Oromoo keessatti buuseefi artistootni Oromiyaa bahaa hedduun kan maddan baandii sana keessaa waan ta’eef kanaan walqabsiistee otoo nuu ibsitee?

Artisti Elemoo: Yeroo Baandiin Afran Qalloo hundaa’u nuti umrii artistummaa keessayyuu hingalle. Artistoota hangafoota keenya kanneen akka Doktora Kabajaa Artisti Alii Birraafaa dabalatee artistoota kutaalee Oromiyaa gara garaarraa dhufaniin ture baandichi kan hundaa’ee. Yeroo baandichi hundaa’utti ani umriidhaan dhaqqabuu baadhus Baandiin Afran Qalloo qabsoo Oromoo keessatti shoora hangafaa akka taphate garuu sirriittin hubadha.

Kaayyoon hundeeffama Baandii Afran Qalloo jalqabummarraayyuu maqaa muuziqaatiin walitti haa dhufan malee dhimmichi dhimma sirna gabrummaa ofirraa qolachuuf namootni dammaqina qaban keessatti walgahanii mari’atan ture.

Namootni hedduu yeroo waa’een Baandii Afran Qalloo ka’u akka waan Baandii shubbisa sirbaa Oromoo Harargee qofa ta’etti kan hubatan jiru. Garuu kun dogoggora guddaadha. Baandichi afran Harargee qofa osoo hintaane, namoota quuqama sabaa qabaniifi kutaalee Oromiyaa hedduurraa walitti bahaniin kan hundaa’eeffii hirmaannaa keessatti qaban ture.

Kanaaf fakkeenya guddaa kan sii ta’u yeroo Itoophiyaa keessa xayyaarotni muraasniifi paayileetotni muraasni turan sanatti paayileetotni dhoksaadhaan imala namoota hirmaannaa Baandii kana keessatti taasisuuf iddoowwan garaa garaatiif dhufu kan geessaa turan ijoollee Oromiyaa lixaa, Wallaggaa turan.

Kana qofa miti, artistootniifi namootni hirmaannaa siyaasa Oromoo keessatti hirmaannaa qaban hedduu kutaalee Oromiyaa garaa garaarraa hirmaachaa akka turan seenaa barraa’ee lafa jirutu jira.

Wanti si ajaa’ibu Baandiin Afran Qalloo kun ijoollee dhalattoota naannawa Harargee kanneen akka Abubakar Musaafi Abdii Qophee fa’iin haa hundaa’u malee waa’een achi keessatti dubbatamuufi



kaayyoonsaas haala gabrummaa Oromoo karaa saffisaafi kanneen birootiin ittiin fonqolchuun danda’amurratti Oromoo biras darbee sabootaafi sablammoota ollaa kan hirmaachise ture.

Kanaaf waa’een Afran Qalloo yeroo ka’u akka Baandii muuziqaafi kan dhalattoota Harargee qofaatti ilaaluun sirrii akka hintaane dhalootni har’aa seenaa kana dubbisee isa sirrii qabachuu qaba jedheen yaada.

Bariisaa: Mee gara albamii haaraa dhiheenya eebbisiistetti dhufuu keenya dura, hanga ammaatti waliigalaan albamii meeqa hojjatte?

Artisti Elemoo: Aboo ani hinlakkofnee beektaa? Garuu akka namootni natti himanitti kanaan dura baay’inni albamoota koo 13 akka turaniifi inni dhiheenya kana itti dabalame immoo 14ffaadha jechuudhaka.

Bariisaa: Sirba ofiikee biras dabartee artistoota hedduufis akka hojjatte ni beekama. Kanaafuu mee eenyufa’iif sirba hojjatte?

Artisti Elemoo: Kana silaa isaantu himachuu qabaa beektaa? Ani ebaluuf hojjadhe jechuurra yoo abbaan sun himate gaarii ta’a jechumaafi. Garuu artistoota hedduuf sirba hojjadhee kenneera. Kanneen keessaa akka fakkeenyaatti yoo fudhanne Artisti Qamar Yusuufiif sirba jalqabaa inni sirbe natu kenneef. Dabalataanis artistoota akka Nuhoo

Gara fuula 7tti

KEESSUMMAA BARIISAA

“Oromoon waan qabsoo abbootii keenyaan...”



Goobanaa, Amartii Waaree, Shamshii, Habtaamuu Lamuu, Usmaayyoo Muusaa, Daagim Mokonniniifi boo... jarri ani kenneef hedduudha. Kana caalaa isaanumti haa himatan malee ani sii himee hinfixukaa.

Bariisaa: Hayyee mee gara albamii kee isa ammaatti haa dhufnuutii albamii kana kanneen kanaan duraarra wanti adda isa taasisu jirra? Yoo jiraate maalinni?

Artisti Elemoo: Wanti adda taasisu maal sitti fakkaate, sirboota yookiin albamoota koo kanaan dura hundi biyya ormaatti hojjetaman. Sirboota koo keessaa “Yaa jiruu biyya ormaa” isa jedhu tokko beektaa? Isa dabalatee albamootni 13 kan hojjataman biyya ormaatti yaadaafi yaaddoo biyyaatiin dhiphachaati.

Artistoota ani muuziqaa hojjadheef keessaa tokko biyyeen itti haa salphattuu Artisti Nuho Goobanaa isa tokko yoo ta’u, keessattuu sirbi “*Isin waamti harmeen*” jedhu anatu kenneef. Maal siin jechuu barbaadeeti seeta, yeroo biyya ormaa turretti sirbootni hojjachaa turreefi haalli keessa teenyee halaalarraa dhimma biyya keenyaa itti hordofaa turerraan waan fagaatuu miti.

Kanaafuu, yoon gara gaaffii keetti deebi’u waantota albamii haaraa kana kanneen darbanirraa adda taasisan keessaa inni guddaan biyya abbaa kootti, handhuura Oromiyaa, Finfinnee keessa taa’ee, baadiyyaa Oromiyaa keessa naanna’ee qabeenya uumamaatti bohaaraafi dinqisiifachaa hojjachuu kooti.

Bariisaa: Qabiyyeen albamii “Teenya Urjiin” jedhamuu maalirratti xiyyeeffata?

Artisti Elemoo: Maal sitti fakkaate, albamii tokko jechuun sirba tokko jechuu miti. Albamni tokko sirboota matadureewwaniifi dhimmoota gara garaarratti xiyyeeffatan waan of keessaa qabuuf, albamichi dhimma kanarratti xiyyeeffata jedhanii kaa’uun ulfaataa ta’a.

Gaaffiin gaarii taatu garuu, albamii kana keessatti sirbootni argaman dhimmoota akkamiifaa of keessaa qabu? Kan jettu natti fakkaata.

Kanarraa ka’ee fuulleffannoofi xiyyeeffanno sirboota albamicha keessatti argamanii yoon sii tarreesse; dhimma jaalala biyyaa, uumama ajaa’ibsiifachuu, dhimmoota hawaasummaafi haala waliigalaa gola Oromiyaa hunda of keessatti hammateen kan dhihaateedha. Hojiin kun ana qofaan osoo hintaane, hirmaannaa qaamolee gara garaatiin kan milkaa’ee waan ta’eef keessattuu artistoota Oromoo nacinaa dhaabatanii nagargaaraniif galata galchuun barbaada.

Bariisaa: Mee erga waa’ee waliif birmannaa artistoota Oromoo kaaftee akkuma biyya ormaatti walcinaa dhaabattan sana asittis waldeeggartuu?

Artisti Elemoo: Oromoon eessumattuu walcinaa dhaabachuufi waldeeggaruudhaan ala filannoo hinqabu. Kun biyya ormaattis ta’e biyya keessatti ijannoo kooti. Artistiin Oromoo kun beektaa biyya kana keessattis

ta’ee jiruu baqaa keessatti warra aarsaa dubbatamee hindhumne kanfalaa tureedha. Namni waliin aarsaa ulfaataa kanfalaa ture immoo waan danda’uun walcinaa dhaabachuuf waan walirraa qusatu ni qabaata jedhee hin yaadu.

Eebbuma albamii koo haaraa Finfinneetti adeemsifameyyuu yoo ilaalte artistoota qofa osoo hintaane, namootni bebbeekkamoon dhimma Oromummaarratti dammaqinaan hirmaatan hundi haala hineegamneen argamanii saganticha naa bareechaniiru.

Dhugaa dubbachuuf namoota guguddoo ani tasuma ni dhufu jedhee hin yaadne hedduutu sagantaa sanarratti hirmaate. Keessumaa artistoota Oromoo haftee qabsaa’ota dhaloota jalqabaa ta’an irraa kaasee artistootni qaqqaxaleen boodaa dhufan hundi bifa nama ajaa’ibsiisuun sagantaa koo bareechanii waan albamii koo naa eebbisiisaniif galannin galchuufi barbaadu guddaadha.

Haa ta’uu malee ammas gamtaadhaan hojjachuufi dantaa sabaa qofa giddugaleeffatanii hojjachuurratti hanqinni hinjiru jechuun hindanda’amu.

Bariisaa: Mee roorroon dur biyyaa isin baafte maali? Har’ahoo maaltu furamnaan biyyatti deebite?

Artisti Elemoo: Maal kun ifaadhaa bar. Dur biyya abbaa keenyaa keessa teenyee dhimma barbaannerratti sirbuuf hiree hinqabnu turre. Sirbuuf hiree osoo argattees dhimma mootummaan yeroo sana jiru sii filate yookiin jaalatu qofarratti sirbuu dandeetta malee waan sammuu kee keessaa maddeefi sitti dhagahame sirbuu hindandeessu.

Yoo waan jarri yeroo sana biyya bulchu hinbarbaanne sirbite carraankee carraa Usmaayyoo Muusaafi Eebbisaa Addunyaa mudate sana ta’a jechuudha. Kanaaf sirna durii keessatti artistii sirba yeroo yeroon baasu ta’anii osoo dhiibbaan tokko isaan irra hingeenye mataduree ofii barbaadanirratti sirbuun artistii Oromoo kamiifuu waan yaadamu hinturre.

Artistii sirba baasu yoo taate yeroo sanatti filannoo qabdu lama qofa. Innis yookaan karaa citteen haa yaatu jettee waan sitti dhagahame sirbitee dararaafi hiraarsaa dhufu fudhachuu, yookiin carraa argametti biyyaa baqattee biyya ormaatti fageenyarraa waan sitti dhagaa’amuufi dhugaa ummataa sirbitee sabaaf sagalee ta’uu qofa ture.

Kanarraa ka’uun artistootni Oromoo waan sirni sun barbaadu osoo hintaane, dhugaa sabaa sirbuuf murteeffatan hedduun carraa argame maraan baqatanii fageenyarraa dhugaa saba bal’aatiif sagalee ta’aa kan turaniif.

Kanneen biyyaa bahuurra biyyuma keessatti waan itti dhagahameefi dhugaa sirbuuf murteeffatan irbaata sirna nama nyaataa sanaa ta’anii qabsoo Oromootiif aarsaa lubbuu kanfaluudhaan seenaa dhiigaan barreessanii darbaniiru.

Kanaaf, ani carraan biyya jaaladhuufi ergan biyyaa bahees guyyaa tokkollee osoon hinabjonne bulee hinbeeknetti deebi’uu argamnaan gammachuu guddaan gara biyyaatti gale.

Akkuma yaadakoos ta’ee sirba dhiheenya kana biyya keessa taa’ee sirbe kanarratti qaamni mootummaas ta’e namni dhiibbaa narratti geessisuuf yaale tokko hinjiru. Osoo jiraatees anuu hinheeyyamu. Kanaaf carraan sammuu bilisaatiin biyya ofii keessa taa’anii waan keessa namaatti dhagaa’amte sirbuu

kun gaafa sirna durii sana waan hinturreef biyyaa baane, har’a immoo carraan tun argamnaan biyyatti deebinee lafaafi lafee jaalannu keessatti sirbaa jirra jechuudha.

Bariisaa: Mee waa’eedhuma biyyatti galanii waan barbaadan hojjachuu kanaan walqabatee waamicha Pirezidaantiin Naannoo Oromiyaa, Diyaasporaan Oromoo ala jiru hundi irreecha baranaarratti gamtaadhaan akka hirmaataniif dhiheessan akkamitti ilaalta?

Artisti Elemoo: Wanti akkanaa waan karaa poozatiiv ta’ee fi onnee qulqulluudhaan ilaalamuu qabduudha jedheen amana. Maaliif yoo jette ammas Oromoon waltuffachuurraa of qusatee walkabajuufi waljala yaa’uu qaba. Dhimmoota gara garaarratti hanqinni akka jiru nan hubadha. Rakkoon iftoominaas jira jedheen amana. Haa ta’uu malee Oromoon waliisaa malee fira akka hinqabne hubatee walkabajuufi waljala yaa’uu jabeffachuu qaba.

Kanaafuu, waamichi Pirezidaantiin Naannoo Oromiyaa Diyaasporaan Oromoon kutaalee addunyaa gara garaa keessa jiru dhufee akka Irreecha baranaarratti hirmaatuuf dabarsanis akka hojii gaarii hojjachuuf yookiin Oromoota gidduutti hariiroo cimaa ta’ee uumuuf fedhii qabanittin hubadha.

Bariisaa: Mee gara xumuraatti dhufaa jirra barri haaraanis guyyoota muraasa booda waan seenuuf yoo ergaa qabaatte?

Artisti Elemoo: Ee..., akkuma atuu jette barri haaraanis fuuldura keenya kana jira. Animmoo waggoota dheeraa boodan bara haaraa biyya kanaa arga waan ta’ee anaafis waan guddaa tokko. Inni caalu garuu Oromoofi hawaasni ollaa Oromoo jiraatu hundi, akkasumas ummatni biyya kana keessa waliin jiraannu hundaaf barri haaraan kan milki, jaalalaafi kan gammachuu akka ta’uufin hawwa.

Barri haaraa kanatti rakkoolee darbee darbee iddoowwan gara garaatti uumamaniin ummanni itti gaddaa jiru akka dhaabatun hawwa. Keessumaa bara waldhageettiifi jaalalli Oromoo gidduutti uumamu akka nuu ta’u, kan hamilee haaraan hojiiwwan biyyaafi ummatashee gargaaran itti hojjatamu akka ta’un hawwa.

Bariisaa: Ani xumure, ati waan ittidabaltu yoo qabaatte carraan keeti.

Artisti Elemoo: Anis waanan dabalu hinqabu. Garuu ammas waa’een jaalalaafi tokkummaa Oromoo kun itti yaadamuu qabdi. Sagaleen, “*Tokkummaa tokkummaa*” jettu tun Oromoofi Oromiyaa keessatti waan jaalatamtuufi namoonni hundi dhaga’uu barbaaduudha. Kanaaf, Oromoon waan hanga ammaatti qabsoo abbootii keenyaan eegalante Qeerroofi Qarree amma jiraniin ifuu jirtu tana harkatti qabatee, waan hafte immoo walitti dhihaatee mari’achuudhaan deebifachuuf waljala yaa’uun dhimma filannoo qabu akka hintaane nama hundaafuu ifa ta’uu qabdi.

Kanaaf bara haaraa kanatti garaagarteen siyaasaa jiruufi jireenya ummata bal’aa dararu furamee rakkooleen jiran hundi mariidhaan akka furamaniif Waaqa ittikadhaan akka nuu ta’un hawwa.

Bariisaa: Guyyaa gabaabaa keessatti affeerraa keenya fudhattee keessummaa keenya ta’uuf eeyyamamaa ta’uu keetiif ulfaadhu adeeroo!

Artisti Elemoo: Hayyee, isinis galatoomaa jabaadhaa!

Qarreefi Qeerroo

“Bakka gataa kosii fuduraan misoomsuun ji’aan hanga qarshii kuma 16 argachaan jira”

- Dargaggoo Doolaar Hadii

Waasihun Takileetiin

Dargaggoonni keenya hojii barbaacha keessaa bahanii aadaa hojii uummachuu akka gabbifatan mootummaadhaan gorfamanis kanneen dhagahani seeraan hojiirra oolchan badhaadhinatti akkuma ce’an warreen didanii akkasumaan yeroosaanii barbaacha hojiin gubaa jiran ammoo ammallee eeggattummaa jala jiru.

Haata’u garuu dargaggoonni miira kutannaan guutamaniifi eeggattummaarratti hadheeffatanii qabsaa’an ilaalcha hindanda’amu ni danda’amaatti jijjiiruun ofirra darbanii seenaa hojjechaa jiru.

Dargaggoo Doolaar Hadii jiraataa Magaalaa Matahaaraa, Ganda 01ti. Kanaan dura mana suphaa mobaayilii banatee of jiraachisaa kan ture yoo ta’u, duubarra kallattii qabsoo jireenyaasaa gara misooma fuduraaleetti jijjiiruuf onnatee ka’uu kaasa.

Haaluma kanaan misooma fuduraa kana eessatti yoon eegale fayyadamaan ta’a isa jedhu erga itti yaadee booda bakka gataa kosii magaalattii xureessaa ture misoomsuuf karoofatee kantiibaa magaalichaa gaafachuu hima.

Bu’uuruma kanaan kantiibaan magaalattii Obbo Addisuu Waaqoo gaaffii misoomawaa dargaggoo kanaa simachuun wiirtuu walakkaa magaalatti waggoota dheeraaf balfi itti gatamee ciincaansaa hawaasa dhibeef saaxilaa ture eeyyamuufiin akka misoomsu isa taasisuu dargaggoo Doolaar nidubbata.

Haaluma kanaan tuullaa kosii sana humna itti bitee bittinsee diiguun balfa achirra ture gara kompostiitti jijjiiruun misooma fuduraaf mijataa taasisera. Duubarra ogeessota misooma qonnaan waliin lafichi maal baasuu akka danda’u erga mari’atee mul’ata qabatee ka’e milkeessuuf kutannaan hojiitti seenuu danda’eera.

Yeroo inni tuullaa kosii kana diiguu jalqabu namoonniifi dargaggoonni hedduu maaf akkasumaan dhama’a jechaa turaniiru. Ilaalcha laamshessaa namootaaf gurra kan hinkennine dargaggoon kun, bishaan galchachuun kanamalees poondii kuusaa bishaanii achuma keessatti qopheessuun laficha qotee misooma fuduraa gara garaa jalqabuu kaasa.

Gorsa ogeessota misooma qonnaa kanaan deeggaramee misoomaalee fuduraa kan akka Avokaadoo, Paappaayaa, Aalaa, Maangoo, Loomii, Mimmixaa, poondicha keessattimmoo qurxummiis misoomsuun wiirtuu tuullaa kosii ture magariisa uwwisuun bakka dur naamni funyaan qabatee irraa dheessu amma eessaan seennee keessa boqonna jechisiisuu danda’eera.

Bakki Dargaggoo Doolaar misoomsee fuduraalee magariisaan uwwise kun yeroo dheeraaf balfaan irra tuulamee miidhagina magaalattii balleessuun olitti jiraattota dhibee garagaraaf saaxilaa turuu hima.

Wiirtuu namni funyaan qabatee bira darbaa

Suuri: Gababoo Gabreetin



ture kana misoomsuun giddugala aaragalffii fagootti qalbii namaa hawwatu taasisuun magaalattiifillee simboo ta’ee akka mul’atu taasisera.

Matahaaraan sulula gammoojjii daran ho’aan beekamtu yoo ta’u, fuduraafi muduraafillee daran mijooftuu ta’uu isheerraa kan ka’e mul’ata Dargaggoo Doolaar tuullaa kosii misooma fuduraatti jijjiiruuf qabatee ka’e kana tole jettee fudhachuun kan irraa dheessamu osoo hintaane kan itti dheessamu taatee jirti.

Milkaa’inasaa kanaaf jalqaba kutannoo, lammata gorsaafi deeggarsa mootummaa hirmaannaa ogummaa ogeessota qonnaan ija akka godhatu kan ta’e misoomni fuduraa kun ammaan tana Dargaggoo Doolaariif madda galii, wiirtuu miidhagina kanamalees isarra darbee dargaggoota birooffillee carraa hojii kan uumu ta’eera.

Fuduraaleen misoomuun wiirtuun tuullaa kosii kun qilleensa naannawaa faalamaa ture waaltessuu keessatti shoora olaanaa kan qabu yoo ta’u namoonni bakkicharraa fuduraa bitachuu dhufan marti tajaajila bittaa gurgurtaa argatan caalaa qilleensa wiirtuusanaatti daran gammadoodha.

Namoonni fuduraalee gara garaa bitachuu garas dhufan tokko tokko wayita isaan dubbisnuu wiirtuun kun yeroo dheeraaf tuullaa kosiin guutamee aja’aan kosii kun daandiirra kan nama hindabarsine akka ture kaasu.

Bakka kana misoomsuuf yeroo dargaggoon

kun fudhatu namoonni hedduun maal argachuuf kosii haadha jechaa turan amma garuu kosii haadha ture sana misoomsuun galiitti jijjiiree ofirra darbee gabaa tasgabbeessaa jiraachuu ragaa bahuuf.

Dargaggoo Doolaar misooma fuduraalee akka Paappaayaa, Avokaadoo, Aalaa, Giishxaa, Burtukaana, Mimmixafaa omishuun ji’aan hanga qarshii kuma 16 argataa jira.

Misooma fuduraalee kana cinatti poondii horsiisa qurxummii kanamalees horsiisa lukkuus kan eegale yoo ta’u ooyiruu tokkoratti gosoota fuduraa gara garaa oomishuun galiisaa dachaan fooyyessuuf kutannaan hojjetaa jira.

Miirri kutannoo jiraannaan kan hindanda’amne nidanda’ama kan jedhu dargaggoon kun, osoo dacheefi qilleensa naannawaa mijataa, bishaan gahaa qabani beela’uufi eeggattummaa jalatti kufuun masluufummaa ta’uu eera.

Mul’ata isa keessa buleen suphaa moobaayilii cinatti misooma fuduraa jalqabe kanaan milkaa’ina gaariirra kan jiru dargaggoon kun, jalqabbiisaa jajjabeessaa ta’uu arguusaan dargaggoonni biroos hojii barbaaduuraa gara hojii uummachuutti akka fuulleffatan gorsa.

Aadaan hojii keenyaa boodeetti hafaa fi kan ammallee irra deebii xiinxalamuu qabudha jedhee, eebbifamtoonni kan barataniin qofa hojii barbaacha jooruun umriis yeroos kan isaan jalaa fixu deega kan isaan nyaachisu waan ta’eef lafa xiqqoo qabanirratti hojii dhuunfaasaanii banachuu akka qaban yoo kaasu, kanaafis haalli qilleensa naannawaa mijataa ta’uullee dubbata.

Tarkaanfii dargaggoon kun fudhatee jijjiirama addaa agarsiise dargaggoota biroofi kutaalee hawaasaa gara garaa kan onnachiise yoo ta’u, fakkeenyummaansaa namoonni biroollee akka of jijjiiran kan taasisedha.

Jalqabbiisaa bu’uura godhachuun wiirtuu tuullaa kosii qulleessuun fuduraalee gara garaa misoomsuun Matahaaraa

keessatti aadeffatamuu kan jalqabe yoo ta’u, namoonni hedduun lafa xiqqoo qabanirrattillee fayyadamoo ta’aa jiru.

Yeroo ammaa rakkoo ilaalchaa dargaggoonni hojii uummachuurratti qaban ammallee kan hincabne yoo ta’u, mindeeffamanii hojjechuu caalaa dinagdee namaa kan cimsu hojii dhuunfaa ofii uummachuudha.

Kanaafis amantaa dargaggoonni qaban kan fooyya’uu danda’u hojiin hubannoo uumuu irra deddeebbiin yoo hojjetamedha kan jedhu Dargaggoo Doolaar, inni gamasaan suphaa moobaayilii cinatti dabalataan misooma fuduraa eegale kanaan fayyadamaa ta’uu danda’uu ibsa.

Yeroo aammaattis hojjiisaa dachaan babal’isuun gorsaafi deeggarsa mootummaan taasisaa jiruun deeggaramee dinagdeesaa cimsachuu kanamalees ofirra darbee dargaggoota birooffillee carraa hojii banuuf qophaa’ee jira.

Misooma qurxummiifi lukkuu amma ooyruu fuduraaleesaa keessatti eegale kanaan daran akka milkaa’u beekke gamanumaa kutannaan hojjetaa kan jiru yoo ta’u akka magaalichaatti dargaggoota dinagdeen humneessuuf sochiin jiru jajjabeessaafi muuxannoonsaallee kan dhaalamuu qabu ta’ee tajaajilaa jira.

Akka magaalaa Matahaaraatti Haroon Basaqaa dur akka abaarsaatti ilaalamu har’a dargaggoota hedduuf madda biddeen guyyuu ta’ee tajaajilaa jira.

Kun kutannaa dargaggoota dinagdeen humneessuuf kantiibaan magaalattii obbo Addisuu Waaqoo qabatanii ka’aniifi milkaa’inni gaarii itti argamaa jiru waan ta’eef dargaggoonni cimani hojjechuu akka qaban kaasa.

Inisheetiivii misooma fuduraafi muduraa mootummaan lafa xiqqoorratti akka babal’atuuf kallattii kaa’ee hojiitti seene dargaggoota muraasaan eegalamee amma babal’achuun eeggattummaan seenaa akka ta’u taasisaa jiraachuullee kan kaase Dargaggoo Doolaar, innis gamasaatiin fayyadamaa waan jiruuf hunduu of kennee hojjechuu akka qabu dhaama.

Hojii inni hojjete dinagdeesaa humneessuurra darbee qaala’insa gatii gabaa tasgabbeessuu keessatti jijjiirama argamsiisaa kan jiru yoo ta’u, misoomni inisheetiiviiwwan akkanaa babal’achuun nama dhuunfaafis biyyaafis bu’aa guddaa kan buusuudha.

Walumaagalatti kutannaan jiraannaan miirri hindanda’amu kan danda’amu akka ta’e qabatamaan Dargaggoo Doolaar tuullaa kosii misooma fuduraafi qarshiitti jijjiiruu danda’erraa arguun kan danda’ame yoo ta’u, hordoffiifi deeggarsa mootummaan taasisaa jiru kanatti fayyadamnee eeggattummaa seenaa gochuun hojii barbaacha gara hojii uummachuutti jijjiiruun biyya keenyaafis ofiifis bu’aa kan buusu waan ta’eef yeroofi beekumsa qabnutti fayyadamnee hojjechuun murteessaadha.

Abbaa Sa'aa



Finnaa: Pirojektii bishaanii seenaa gammoojjii Oromiyaa jijjiiraa jiru

Bayyanaa Ibraahimiin

Mootummaan Naannoo Oromiyaa hawaasa horsiisee bulaa fayyadamaa taasisuuf keessattuu waggoota sadeen darban xiyyeeffannoo olaanaadhaan hojjechaa jira. Kana mirkaneessuufis pirojektota bishaanii naannolee gammoojjiitti babal'isuudhaan jiruufi jireenya hawaasa horsiisee bulaa fooyyeessuuf tattaaffiin jiru bu'aa qabatamaatiin mirkanaa'aa jira.

Mootummaan hongee irra deddeebiin mudataa jiru maqsuuf Boorana dabalatee guutuu gammoojjiwwan Oromiyaatti pirojektii bishaanii Finnaa hojjechiisaa kan jiru yoo ta'u, yeroo ammaa gara bu'aa qabatamaatti ce'aa jiru.

Pirojektiin Finnaa baasii hedduun hojjetamaa jiru kun namaafi beeyladaaf bishaan dhiyeessuu qofa osoo hintaane, horsiisee bulaan gariin hojii qonnaa akka eegal daandii saaqaa jira. Pirojektiin bishaanii kun horsiisa beeyladaatti abdi horuu bira darbee hawaasni naannawa gammoojjii jiraatu qonna aadeffachuun wayita jireenyasaa fooyyeffatu qabatamaan mul'achaa jira.

Sochii pirojektota bishaanii faayidaa dhugaatii beeyladaafi omisha jallisiitiif oolu kana naannawa gammoojjii Oromiyaatti babal'isuuf hanga ammaatti naannichatti pirojektota Finnaa 73 hojjatamaa kan jiran yoo ta'u, kanneen keessaa 22 xumuramuun tajaajila kenna jiraachuu ragaaleen Biiroo Misooma Jallisiifi Horsisee Bulaa Oromiyaa ni agarsiisu.

Kanneen hafanis harka 70 olirra kan gahan yoo ta'u, pirojektonni kunneen guutummaatti yoo xumuraman bishaan meetir kuubii miliyoona 80 qabachuu akka danda'an hogganaan biirichaa Injiinar Girmaa Ragaasaa ni dubbatu.

Hojiin ijaarsa projektota bishaanii /Finnaa/ kun gammoojjii Oromiyaatti bal'inaan hojjatamaa jiraachuu hawaasa horsiisa loonii qofaan jiraachaa tureef filannoo dabalataa ta'aa jiraachuu himanii, horsiisee bultoonni hedduun iddoowwan garaa garaatti jallisiitti gargaaramuudhaan gara omisha qonnaatti galaa jiraachuu ibsu.

Yeroo hongeen naannawa gammoojjii Booranaafi Baaleetti mul'achaa turetti kan namaa qofa osoo hintaane rakkoon hanqina nyaata looniis ulfaataa ture. Yeroo ammaatti

ijaarsa pirojektota Finnaa kanaan looniifis margi akka omishamu taasifamaa jira.

Pirojektiin finnaa horsiisee bulaa Booranaatiif hiikaa addaa kan qabu ta'uu kan himan immoo Bulchaa Godina Booranaa Obbo Abdusalaam Waariyooti. Sababa pirojektichaatiin Booranni ongee keessaa bahee gara badhaadhinaatti imalaa jiraachuu ibsan.

Yeroo ammaa lafti Booranaa magariisa uffatee, loon Booranaa marga jallisiidhaan misoome sooratee bara rakkoo dukkanaa sana dagateera. Akka godinichaa qofatti hojii babal'ina ijaarsa pirojektota Finnaatiif mootummaan naannoo Oromiyaa qarshii biliyoona 32 ramaduu ibsanii, kunis xiyyeeffannoo olaanaa akka mootummaatti ummanni akka rakkoo hongee sanatti hindeebineef kenname ta'uu eeru. Godinichatti Pirojektota Finnaa 18 qarsii biliyoona 32n hojjatamaa jiran keessaa 12 xumuramuun tajaajila kenna jiru.

Godinichatti rakkoon nyaata looniifi bishaanii furamnaan hawaasni horsiisee bulaa hojjatee jijjiiramuuf kan hojjatu ta'uu kan eeran Obbo Abdusalaam, bara darbe pirojektota xumuraamee bishaan qabateen lafa misoomerraa callaa kuntaalli 180 argamuu dubbatu. Baranas lafti hektaarii 28 midhaan akaakuuwwan adda addaatiin misoomaa jiraachuu ibsaniiru.

Tibbana Pirezidaantiin Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa hojiiwwan misooma qonnaa naannichatti hojjatamaa turaniifi hojiiwwan babal'ina pirojektii finnaa kana naanna'anii daawwataniiru. Kanneen keessaa tokko kan ta'e Horsisee Bultoonni Aanaa Gumbii Bordoddee (Harargee Lixaa) misooma beeyladaarratti rakkoo bishaan dhugaatii beeyladaa mudatu furuuf mootummaan Pirojektii Finnaa Ganda Godaa Calleetti qarshii miliyoona 438 oliin hojjetame daawwatameera.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa rakkoo bishaanii naannoo horsiisee bulaafi Gammoojjiitti mudachaa jiruuf fala kennuuf bajata guddaa ramaduun pirojektota finnaa ijaaraa jiraachuu dubbatu.

Hawaasni horsiisee bulaan Aanaa Gumbii Bordoddee haala mijaawaa yeroo ammaa misooma beeyladaafi qonnaarratti jiruun gargaarsa jalaa bahee of danda'uuf jabaatee hojjechuu akka qabu yaadachiisaniiru.

Godinni Harargee Lixaa gammoojjiin kanitti baay'atuufi yeroo hedduu gargaarsa midhaan nyaataatiif kan saaxilame

ta'uusaatiin mootummaan naannichaa pirojektiin bishaanii aanichatti akka ijaaramuuf murteessuunsaa hawaasa kana eeggattummaa jalaa baasee akka hojjatee of danda'uuf yaadeeti.

Pirojektiin Finnaa aanichatti hojjatame kun humna bishaan meetir kuubii miliyoona tokkoofi kuma 35fi 898 ol kan kuufatuufi lafa hektaara 250 caalu kan misoomsu danda'u ta'uunis ibsameera.

Pirojektiin Finnaa kun rakkoo hawaasa horsiisee bulaa hiikuu keessatti shoora olaanaa kan qabuufi ummanni yeroo ammaa misooma jallisiifi bishaan dhugaatiif ittifayyadamaa akka jiru yeroo daawwannaa pirojektii kanaatiif gamasitti imalle hubanneera.

Naannawa Oromiyaa gammoojjummaan ittibaay'atuufi yeroo ammaa ijaarsi pirojektii Finnaa itti babal'achaa jiru keessaa tokko kan ta'e Godinni Boorana Bahaas yeroo ammaa sodaa hongee jalaa bahee gara omisha jallisiitti galaa jira.

Akka godinichaatti lafa hektaara kuma 48 ol irratti omishni marga horii omishamaa jiraachuu himuun; margi tonii kuma 600 ol ni argama jedhamee eegama. Dabalataanis beeyladoo kuma 600fi abbootiin warraa waliigalatti 14,600 fayyadamoo ta'aa jiraachuu ragaan Waajjira Qonnaa Godina Boorana Bahaa irraa argame ni agarsiisa.

Naannolee gammoojjii Oromiyaa keessaa ishee biraa kan taateefi gammoojjummaadhaan dabalatatti naannawa daangaa bulchiinsaarratti argamuusheetiin rakkoolee walitti bu'iinsaatiif saaxilamaa kan turte Cinaaksan, yeroo ammaa gammoojjummaan naannawa ijaarsa pirojektota bishaanii kanaan achii baqatee seexanni hawaasa walitti naqaa turtes achii baatee ummanni horsiisa beeyladaa cinatti omisha qonnaarratti bal'inaan hirmaachaa jira.

Yeroo ammaa aanaa kanaan dura maqaanshee walitti bu'iinsaafi buqqaatii namaatiin waamamaa ture, Cinaaksanitti lafti hektaara kuma 33 ol ta'u kilaastara qamadiitiin misoomaa jira.

Godina Harargee Bahaatti tanaan dura rakkoolee nageenyaa yeroo gara garaatti uumamaniin maqaanshee kan ka'u, Aanaa Cinaaksanis yeroo ammaa walitti bu'iinsaafi rakkoo nageenyaa keessaa baatee hojii misoomaa ho'aa keessa galuunsee abdi haaraa uumaa jiraachuu jiraattonni ni ibsu.

Lafti ammaan duraa misooma malee ture yeroo ammaa haala mijataa uumuun sanyii filatamaafi galtee qonnaatiin deeggaramee hojii misoomaa ho'aa keessa jiraachuu kan himan ammoo Ittigaafatamaa Waajjira Qonnaa Godinichaa Obbo Geetaahun Nigaatuuti.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojii qonnaa naannawa kanatti taasifamuuf deeggarsa hindaangeffamne taasisaa turuu ragaa bahu. Babal'ina hojii qonnaa naannawa daangaa kana deeggaruun, tiraaktara qonnaa dhiheessuun akka qotamu taasisuudhaan wayitii gahes kombaayinaraan kan hammamu ta'uu ibsaniiru.

Inisheetiwwan qonnaa akka naannichaatti bocamanii hojiirra oolaa jiran jiruufi jireenya qonnaan bulaa bu'urraa kan jijjiiraa jiru ta'uusaatiif Aanaa Cinaaksan qofti agarsiistuu gahaa ta'uus dubbatu.

Mootummaan naannoo Oromiyaa deeggarsa sanyii filatamaarraa kaasee hanga tiraaktara qonnaatti, akkasumas wayitii midhaan gahuttis kompaayinara ittiin haaman dhiheessuusaatiin qonnaan bulaa Oromoo qofa osoo hin taane, ummanni Sumaalee ollaa sana jirus misooma waliinii kanarratti qooda fudhachaa jira.

Godina Harargee Bahaatti qonna ganna bara kanaatiin lafa hektaara 538,905 misoomaa jiru keessaa lafti hektaarii 459,555 kilaastaraan misoomaa jiraachuu ragaan waajjira qonnaa godinichaa kan agarsiisu yoo ta'u, kana keessaas lafti hektaarii 57,900 kilaastara inisheetivii qamadiitiin uwwifamee kunuunfamaa jira.

Godina Harargee Bahaa, Aanaa Cinaaksanitti qamadii qonna ganna kilaastaraan misoomaa jiruufi pirojektii jallisiifi Finnaa Marar qarshii miliyoona 500n hojjatame hawaasa naannichaa bal'inaan gara hojii misooma qonnaatti akka bobba'uuf carraa uumaa jiraachuu jiraattotni ni dubbatu.

Waliigalatti godinichatti inisheetivii qamadii qonna gannaatiin lafa hektaara 70 irratti faca'ee kunuunfamaa kan jiru yoo ta'u, kanarraayis caallaa kuntaalli miliyooni 13 ol ni argama jedhamee eegama.

Walumaagalatti, sababa babal'ina pirojektota bishaanii Finnaatiin iddoowwan gammoojjii Oromiyaa hedduu geeddaruudhaan iddoo namni hongedhaaf irraa baqatu osoo hintaane, iddoo namni qonnaaf itti baqatu taasiasaa jiru.

AADAIFI AARTII

Aadaafi duudhaalee walgargaarsa keenya ganamaa

Natsaannat Taaddasaatiin

Oromoon aadaa walgargaarsaa, waldeeggarsaafi walbira dhaabbachuu hedduu qaba. Aadaan walgargaarsaa kun maqaalee gara garaatiin kan beekamu yoo ta'u, isaan keessaa buusaa gonofaa, harkoo ykn dabaree, hirpha, daboo ykn jijii, ulfina walitti qabachuufaa akka fakkeenyaatti eeruun nidanda'ama.

Yunivarsitii Naannoo Oromiyaatti Qorataafi Gorsaa akkasumas Daarektara Inistiitiyuutii Qorannoo Misooma Afaan, Aadaafi Artii Oromoo Obbo Leeniin Quuxoo gaafdeebii dhiyeenya kana dhimma aadaafi duudhaa walgargaarsa Oromoorratti Gaazexaa Bariisaa waliin taasisan akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Buusaa Gonofaa jechuun qabeenya ummanni Oromoo walitti qabee yeroo balaan uumamaafi namtolchee mudatutti ittiin walgargaaruudha. Qabeenyi kun waggaa waggaa walitti buufama. Korri Gosaas waggaa waggaa ni taa'ama.

Koricharratti bakka bu'aan gosaa rakkoo ykn hiyyummaa gosasaa keessa jiru gadifageenyaan gabaasa ni dhiyeessa. Namoonni hiyyooman ykn rakkatan maaliif akka hiyyooman ykn rakkatan, namni meeqa waan nyaatee bulu akka dhabe, nama meeqatu sirriitti hojjechuu didee (dhibaa'ee) hiyyummaa ofitti fide, nama meeqatu sababa balaa uumamaatiin rakkoo keessa gale kan jedhu gabaasicharratti sirriitti ni dhiyaata.

Jaarsoliifi bakka bu'oonni gosaa gabaasa dhiyaate sirriitti erga ilaalanii booda namoota gadidhaabuun barbaachisu, kanneen lubbuu baraaruu hatattamaan gargaaruun barbaachisu, kanneen waan nyaatanii bulan hinqabne, namootni horanii akka bakka duraatti deebi'aniif suuta qaqqabuun barbaachisu, kanneen gorsi barbaachisu (yoo ofiin of hiyyoomsan ta'e) adda baasanii qabeenya gosni waggaa waggaa walitti buusurraa kennuuf.

Namni tokko hiyyoomee raadonni sadi yoo kennamaniif waggoota sadiifi afur booda horee of danda'ee buusaa gonofaatiif fiduu qaba. Buusaa Gonofaa kanaan qabeenya loonii walitti buusuunis ni jira. Buusaa Gonofaa namoonni balaa uumamaafi namtolcheef saaxilaman dafanii akka dandamatan kan taasisu aadaa walgargaarsaafi walbira dhaabbannaati. Buusaa Gonofaan namoota rakkoo qabatamaaf saaxilamaniif kennamea.

Buusaa Gonofaan labiidhaan hundaa'ee hojiirra oolaa jiru kun hangama asilummaasaa (aadummaasaa) eegee hojiirra oolaa jira kan jedhu keessasaa sirriitti hinbeeku. Garuu yeroo hawaasni balaa hongeeffii namtolchee gara garaaf saaxilamu akka qaqqabaafi bira dhaabbachaa jiru, akka ummanni miseensa ta'ee buusii buusaa jiru quba nan qaba. Garuu hunduu godaa kaasee hanga abbaa Gadaatti miseensa Buusaa Gonofaa ta'uufi dhabuun anaaf gaaffiidha. Ummannis ulaagaan miseensummaa maal maal akka ta'e sirriitti waan beeku natti



Obbo Leeniin Quuxoo

Aadaa Oromoo keessatti nama hojjetu bira darbuun safuudha. Rakkataafi nama humna hinqabne gargaaruun kaleessuma jira. Nama kan gargaartu gammaddeeti malee inni harka si ilaaleef miti

hinfaakkaatu.

Buusaa Gonofaa Abbaa Gadaarraa kaasee hanga jaarsa qe'eetti hidhata qaba. Yoo akkas ta'eedha rakkoon namoota balaaf saaxilamanii dafee gabaafamee akka gargaaraman kan ta'u. Hojiin akkasiin raawwatamus loojiirra bilisa ta'a. Buusaa Gonofaan labiidhaan hundaa'ee garuu utuu asilummaasaa gad hindhiisin hojiirra oolaafi hogganamaa jiraachuufi dhiisuunsaa waan irra deebi'amee ilaalamuu qabu natti fakkaata.

Oromoon aadaa walgargaarsaa dabaree jedhamus niqaba. Fakkeenyaaf manni sa'a elmatu qabu ollaasaa sa'a elmatu hinqabneef yoo xiqqaate ijoolleedhaaf ganamaafi galgala aannan walitti qicee geessaaf. Utuu ijoolleen mana kanaa aannan dhugduu ijoolleen mana sanaa aannan malee ooltee hinbultu. Utuu manni kun buna aannaniin dhuguu manni sun buna gurraacha hindhugu. Manni ameessa lama elmatu ameessa tokko kan hinqabneef hanga jabbiin gu'utti kenna. Yeroo tokko tokko ameessa galfatanii jabbii dhiisuufiin jira. Kun aadaa walgargaarsaa guddaadha.

Aadaan walgargaarsaa Hirpha jedhamus jira. Hirphi kun Buusaa Gonofaatiin kan walfakkaatu yoo ta'u, wayita balaan tasaa uumamaafi namtolchee mudatutti dafanii nama balaaf saaxilame kan ittiin qaqqabaniidha. Hirphi kun balaa namarra gahe dafanii irraa qolachuuf gargaara. Nama rakkoon irra gahe deeggaruu qofa utuu hintaane yaadaanis ni jajjabeessu; ni eebbisu.

Namni rakkoof saaxilames hirphamuurra eebbatti waan gammaduuf na eebbisaa, eebba naa hirphaa jedha. Ummannis "horii bal'adhu, kan sijalaa bade caalaa argadhu" jedhee eebbisa. Hirphi nama rakkateef taasisfamu yeroof utuu hintaane akka inni gad dhaabbattee of danda'ee jiraatuufi rakkoo keessaa ba'u kan taasisuudha. Hirphi kun akka namni rakkate rakkoo keessaa dafee ba'ee nama rakkate biraa akka gargaaru kan taasisuudha.

Akka aadaa Oromootti horiin, qabeenyi, ilmi, intalli, namni, lafti, karaan, malkaan, gaarri kan gosaati. Kana jechuun badhaadhinnis rakkiniin kan gosaati ykn waliiniiti jechuudha. Gumaanis kan gosaati. Kana jechuun yoo gosa tokko keessaa namni nama ajjeese gosa sana guutuutu yakkamaa ta'a jechuudha.

Dur yeroo namni tokko loowwan baay'ee horatee ani qabeenya kiyaanan jiraadha; maal fiddu jechuu barbaadu sagal gorsanii, sagal obsaniifii sagal dhoksaniifii gaafa dadhaban loowwansaa irraa saamanii hiyyeessaaf kennu. Manas irraa diigani akka inni gaabbee qalbiisaatti deebi'u taasisu. Horiin horoomaafi namoomaan yoo hinmassakamin namniyyuu deebi'ee horii ta'a. Horoomniifi namoomni gaafa badu namni walgurguruutti ka'a jedha Oromoon.

Oromoon aadaa walgargaaru, waldeeggaruufi walbira dhaabbachuu hedduu qaba. Aadaan walgargaarsaa kun maqaalee gara garaatiin jira. Fakkeenyaaf

daboo ykn jigiin aadaa walgargaarsaa keessaa tokko. Daboo ykn jigii jechuun hojiin natti baay'atee natti bahaa nagargaaraa jechuudha.

Hojiin kun ijaarsa manaa, qonna, haamaafi cabsaa boqqolloo ta'uu danda'a. Daboon hojii sitti baay'ate ykn humna keetiin raawwachuu hindandeenye tokko jigii waammachuun yeroo gabaabaa keessatti ofirraa buusuuf gargaara.

Aadaan walgargaarsaa harkoo ykn dabarees ni jira. Harkoo jechuun har'a kan kee yoo waliin hojjenne, bor ammoo kan koo waliin hojjenna. Harkoon namoota lamaafi isaa ol gidduutti raawwatamuu danda'a. Nama tokkoon hojjechuufi nama lamaafi isaa ol waliin hojjechuun garaagarummaa guddaa qaba. Waliin hojjechuun humna waliif ta'uudha.

Aadaa Oromoo keessatti nama waa hojjetu bira hindarbamu. Utuu karaa deemaniyyuu "Ashamaa" jedhanii nama waa hojjechaa jiru sanatti goranii xiqqoo gargaaranii darbu. Inni hojiirra jiru ammoo "Ashamaa jibbaa hojii jaaladhaa" jedha. Namoota boolla awwaalaa qotaa jiranillee itti goranii boolla qotuu gargaaranii nama du'e gaafatanii bira darbu.

Aadaa Oromoo keessatti nama hojjetu bira darbuun safuudha. Rakkataafi nama humna hinqabne gargaaruun kaleessuma jira. Nama kan gargaartu gammaddeeti malee inni harka si ilaaleef miti.

Yeroo ammaa garuu aadaan walgargaarsa ganamaa sun laafee nama gargaaruun qarshiitti jijjiramaa jira. Waan xiqqoo tokko asii fuudhanii achi kaa'anii qarshii guddaa gaafachuun ni mul'ata. Tajaajilli lammummaa kennamea jirus afuura aadaa ganamaa kana qabaachuu qaba.

Ulfina walitti qabachuunis aadaa walgargaarsaa Oromooti. Namni sirriitti waljaallatuufi walamanu ulfina walitti qabata. Ulfina walitti qabachuu jechuun yeroo hojiin nama muddu nama beekamaa ta'e tokkoon nama 50 naaf baasi jedhanii oggaa itti himatan namichi ammoo dachaan dabalatee nama 100 baasaafi. Namni ulfina sitti qabates isa gargaaru dhufaniif nyaataafi dhugaatii hanga isaan barbaadanii olitti qopheesseefii nyaachisee obaasa. Kunis akka walitti dhiyaataniin aadaa hojii walgargaaruuti.

Tajaajilli lammummaa kunis aadaafi duudhaa ganamaa kana keessaa cuuphachuu qaba. Hojiin tajaajila lammummaa kun waqtii gannaa mana harka qalleeyyii ijaaruu, biqiltuu dhaabuu qofa utuu hintaane waggaa guutuu hojii qonnaafi midhaan sassaabuurrattis itti fufuu qaba. Warra humna hinqabne gargaaruun waggaa guutuu ittifufuu qaba.

Aadaafi duudhaan walgargaarsa Oromoo ganamaa lafaa waan dhufeef yeroo ammaa ofittummaarraa kan ka'e utuu mana kana qabeenyi tuulamee jiruu ollaan beelaan du'aa jira. Ofittummaan kun inni duroome gaara bahee, inni hiyyoome gad bu'aa akka deemu taasisaa waan jiruuf aadaafi duudhaa keenya ganamaatti haadeebinu jedhu Obbo Leeniin Quuxoo.

Qooda konkolaataa elektirikii...

baay'achaa dhufaniif kanneen elektirikiidhaan hojjetan addunyaarraa dhabamaa dhufuun bara 1935 tajaajila dhaaban. Konkolaataan elektirikii hanqinni boba'aa mudachuufi haalli qilleensaa jijjiiramuun walqabatee bara 1950 irra deebiin addunyaarratti akka filannootti dhiyaachuu jalqabe.

Itoophiyaatti ALA bara 2011 wayita dhimmi tarsiimoo dinagdee magariisaa ka'u konkolaattota boba'aan socho'an gara elektirikiitti jijjiiruun akka furmaata tokkootti dhiyaate. Bara 2014 tajaajilli konkolaataa elektirikii eegalame. Tajaajilicha babal'isuun faalama qilleensa naannawaa hir'isuun imala dinagdee magariisaa milkeessuu keessatti gahee qaba.

Lakkoofsi konkolaattota biyyattii %14n akkasumas hanga boba'aa fayyadamuusaanii waan dabalaa deemuuf faalama qilleensaarratti dhiibbaa guddaa uumaa deema. Konkolaattonni dulloomoon baay'achuunis kana keessatti qooda qaba. Konkolaataan elektirikii qarshii bittaa boba'aaf ba'u hambisuufi faalama qilleensaa hir'isuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Teknolojiin kun Itoophiyaatti reefu waggoota sadii kan lakkoofsise ta'uusaatiin bu'uraalee misoomaa tajaajilichaaf barbaachisan babal'isuufi gabbisa hubannoorratti hojjechuu barbaachisa

jedhu.

Imaammadni, tarsiimoon, qajeelfamniifi istaandardiin qophaa'aa jiraachuus himanii, istaandardiin baatirii konkolaatichaa chaarjessu ba'uufi sirni onnachiiftuus diriiruu eeran. Sirmichi gatii konkolaataa elektirikii kan hir'isuufi konkolaataan elektirikii otoo hinwarshaalamiin biyya galu ashuuraafi 'VAT'irraa bilisa taasisuus nidubbatu.

Bakki baatirichi itti chaarjefamu dhabamuun tajaajilichaarratti gufuu ta'uus eeranii, kanarrattis hojjetamaa jiraachuu ibsu. Kanarratti abbootii qabeenyaa hirmaachisuuf haalonni adda addaa mijataa jiru.

Miidiyaanis faayidaa konkolaattonni elektirikii qaban muuxannoo biyyoota addunyaan walbira qabuun hubannoo hawaasaafi hoggantootaa gabbisuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu akka qaban yaadachiisaniiru.

Yunivarsitii Saayinsiifi Teknolojii Finfinneetti, Barsiisaafi Qorataan Muummee 'Environmental Engineering' Doktor Mintasinoot Gizaawu akka jedhanitti, geejjibni Itoophiyaa guutummaatti boba'aa alaa galu fayyadamuun socho'u. Biyyattiin boba'aa bituuf waggaatti doolaara biiliyoona 4.6 baasti. Konkolaataa elektirikiin fayyadamuun faalama qilleensa naannawaafi baasii kana hir'isuu keessatti

gahee guddaa qaba.

Itoophiyaan humna qabeenya haaromuu gahaa waan qabduuf mootummaan tajaajila konkolaataa elektirikii babal'atuuf onnachiiftuwwan gara garaa taasisuu qaba jedhu.

Mootummaan teknolojii kaarboonii xiqqeessan sektaroota gara garaa keessatti hojiirra oolchaa jiraachuu himanii, kun faalama qilleensa naannawaa xiqqeessuun manii dinagdee magariisaa milkeessuurra darbee carraa hojii bal'aa uumuuf shoora guddaa akka qabu eeru.

Faalama qilleensaa konkolaattonni boba'aa qaqqabsiisan hir'isuun naannawaa jireenyaaf mijataa taasisuuf tajaajila konkolaattota elektirikiifi bu'uraalee misoomaa tajaajilichaaf oolan babal'isuun barbaachisaa ta'uus himaniiru.

Ministirri Daldalaafi Walittihidhamiinsa Naannawaa Doktor Kaasaahun Gofee akka jedhanitti, Inarjiin qabeenya guddaa qusannaa barbaadu waan ta'eef badhaasniifi beekamtiin mootummaan indastiriiwwan anniisaa qusataniif taasisse ittifufa. Akkuma qaamni balleesse ittigaafatamu kan gaarii hojjeteeff beekamtiin kennamuu qaba.

Guddinniifi badhaadhinni biyya keenyaa mirkanaa'uu kan danda'u harka hatuufi balleessu adabuufi kan cimee hojjeteeff beekamtii kennuudhaani jedhanii, keessumaa tajaajilli inarjiifi boba'aa

ofeeggannoofi iftoominaan kennamuu qaba. Hojiin bittaa boba'aa dijitaaleessuuf eegalames dirqama ta'ee cimee ittifufuu qaba. Boba'aan qarshii harkaafi harkatti kennuun darbee darbee raawwatamus dhaabachuu qaba.

Buufataalee gatiin nidabala jechuun boba'aa kuusan, dhoksaniifi daandiirra tursiisanirratti to'annoofi hordoffii cimaan gochuun tarkaanfii cimaan kanirratti fudhatamu ta'uus eeraniiru.

Daarektarii Abbaa Taayitaa Inarjiifi Boba'aa Aadde Sahaarallaa Abdullaahii akka jedhanitti, waggoota darbanitti inarjiifi boba'aarratti investimantii olaanaan taasisamus inarjii guddaan qisaasa'aa tureera. Abbaan taayitichaa imaammata qusannaa inarjii diriirsuun hojiirra oolchaa tureera. Kallattii qusannaaf taa'e keessaa tokko industiriiwwan inarjii guddaa fayyadaman inarjii odiit gochuudha.

Sirna bittaa boba'aa dijitaaleessuun waggoota lamaan darabitti qarshii biiliyoonna 233 galii ta'uu himanii, Fulbaana bara 2016 irraa eegalee bootteen boba'aa deddeebisu to'achuufis sirni ittigaafatamummaa uumameera.

Boba'aa taariifa kaa'ameen olitti gurguruufi qarshii harkaafi harkatti kennamuun bituun rakkoolee darbanii darbanii mul'atan ta'uufi kana furuufis hirmaannaa hawaasa bal'aa akka barbaadu eeran.

Milkaa'inni hidha...

Qabeenya bishaan qabdu to'achuun annisaa elektirikii maddisiisuun magaalonna socho'uudhaan karoora akka biyyaatti karoofame nimilkeessu. Anniisaan maddisiifamu guddina magaalotaa si'eessuun ce'umsa gara industiriitti taasifamu milkeessa.

Itoophiyaan wayita ijaarsa hidha Abbayyaa cegaltu bishaantu nuduraa hir'ata jechuun gungummii baay'een tureera. Ta'us obsaafi kutannoo hoggansa biyyattiifi hirmaannaa cimaa ummanni Itoophiyaa taasisaniin sadarkaa tarbaayinooti sadaffaafi afraffaan anniisaa maddisiisuurra ga'ameera.

Milkaa'inni amma galmaa'aa jiru qaamolee kaleessa bishaantu nutti hir'ata jechaa turaniif deebii ga'aa ta'uun dippilomaasii biyyoota yaa'aa laga Abbayyaa gara oliifi gadii cimsa jedhan.

Guddina dinagdee gara ulaa galaanaa fayyadamuutti geessuufis daandii saaq. Guddinni siyaasdinagdee Itoophiyaa hidha laga Abbayyaatiin walqabatee dhufu barbaadamummaa Itoophiyaa

ulaa galaanaa fayyadamuuf qabdu akka guddatu taasisa. Kiiikoo dippilomaasii guddaas qaba jedhan.

Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmadis wayita tarbaayinoonni sadaffaafi afraffaa hojii cegalchiisanitti, yuunitoonni ijaarsa hidha Abbayyaa haaluma karoofameen raawwataa jira. Guyyaan biyyoota yaa'a laga Abbayyaa gadii ilaalchisees misraachoon dhaga'ameera бага гаммадан jedhan.

Hojiin hojjetames yaa'i laga Abbayyaa utuu hingufatin yaa'aa bishaanii to'achuudhaan yaaddoo balaa hir'isa. Biyyooti yaa'aa gadii bishaan hammaasaa hinjijjiiramne akka argatantaasisa. Bishaan hammaasaa madaalamee gadhiifamus hojii qonnaa fooyyessuufi anniisaa elektirikii maddisiisuuf akkasumas, ittifayyadama qabeenya naannawichaa wayyeessuuf haalaan gargaara jedhan.

Ummata milkaa'ina hojii hidhichaa keessatti hirmaate taasise galateeffachuun biyyoota fayyadamoo hidha Abbayyaa ta'aniinis бага гаммадан jedhaniiru.



"Rakkoo dhiyeessii..."

tibbana kennaniin; Magaalaa Harariitti sababa hanqinaafi addaan ciccittiinsa humna ibsaan fedhii bishaan dhugaatii jiraattota magaalattii guutuun hindanda'amne jedhaniiru. Addaan ciccituu ibsaatiin walqabatee waggaa keessatti guyyoota 96f tajaajilli bishaan dhugaatiis hanqinaaf saaxilameera jedhan.

Akka ibsasaaniitti, maddi bishaan dhugaatii magaalaa Harar argattu Magaalaa Dirree Dhawaarraa kiiloomeetira 72 ujummoodhaan harkifameeti. Siistamii gatii guddaan itti ba'e keessa darbuun daandiirratti gandootaafi magaalota hedduu obaasaa dhufee magaalaa Harar qaqqaba.

Teessumni magaalattii lafa olka'arra ta'uun walqabatee meetira 1000 ol dhiibamuuf humna ibsaa guddaa kan barbaachisus tajaajilli humna ibsaa gahaan waan hinargamneef hanqinni bishaan dhugaatii yaaddoo ta'uu himaniiru. Sababuma kanaan dhiyeessiin bishaan dhugaatii hanga guyyoota 15 turuun hanqinni bishaanii akkaan akka babal'atu taasisaa jira jedhan.

Gaafa humni ibsaa addaan citus meeshaalee gatii qaalii elektiroo makaanikii siistamichi ittiin ijaarame miidhuun kasaaraa guddaaf saaxilaa jiraachuu ibsaniiru.

"Magaalaan Harar humna ibsaa ga'aa argachaa hinjirtu. Tajaajilli humna ibsaa naannawa Dirree Dhawaa waliin ta'uun rakkiniha furuuf waggoota shanan darbaniif yaalamus hanga ammaatti deebii ga'aa argachuun akka hindanda'amne kaasuu komii Humna

Ibsaa Naannawa Dirree Dhawaarraa qaban ibsaniiru.

Ta'us mootummaan naannoo Hararii rakkoo kana furuuf bajata guddaa ramadee bishaan metirkiyuubii tokkoo qarshii 104n omishuudhaan qarshii 15n hawaasaaf dhiyeessaa jiraachuu himaniiru.

Furmaata yeroo dheeraaf pirojektiin bishaanii waggoota 50f tajaajila kennuu danda'u qoratamaa jiraachuu himanii; hangasitti siistamii jiru suphaa tajaajila kennuun ittifufa jedhaniiru. Miidiyaaleenis rakkoon kun akka furmaata argatuuf gumaachasaanii akka ba'an gaafataniiru.

Gaggeessaa Hojii Olaanaa Tajaajila Humna Ibsaa Naannawa Dirree Dhawaa kan ta'an Obbo Fiqramaariyaam Alamaayyoo gamasaaniin rakkoo mudateef gaaffiin humna ibsaa dabalataa dhaabbatichaaf dhiyaate hinjiru jedhu. Magaalaa Hararitti gaafa jalqaba bishaan gale tajaajila humna ibsaa gaafatan ga'aan akka kennameef ibsaniiru.

Rakkoo eerame hunderra furuuf Abbaa Taayitaa Bishaaniifi Dhangala'aa Magaalaa Hararii waliin karoora yeroo gabaabaa, giddugaleessaafi dheeraa qopheeffatee hojjechaa jiraachuu dubbatu.

Addaan citiinsi humna ibsaan walqabatee hudhaa jiru furuuf fooyyessi utubaawwan humni ibsaa ittiin darbu mukarraa gara konkiriittiitti jijjiiramaa jiran yeroo dhiyoo keessatti akka xumuramu ibsaniiru.



Tashoomaa Qadiidaatiin

Itoophiyaan qabxii beektotaan dhabde dargaggootaan milkeeffataa jirti

Finfinnee: Waggaa lamatti al tokko biyyoota adda addaatti kan gaggeeffamu shaampiyoonaan atileetiksii dargaggoota Addunyaa umrii 20 gadii kan baranaa magaalaa guddoo Peeruu, Liimaatti Kibxata darberraa kaasee adeemsifamaa ture har'a xumurama.

Dargaggoonni addunyaa biyyoota 134 irraa babbahan kummi tokkoofi 720n hirmaachaa kan jiran yoo ta'u, dorgommiiwwan hanga ammaatti adeemsifamanitti Itoophiyaan dubartootaan fiigicha meetira kuma shaniin Madiinaa Iisaatiin, kuma sadiin ammoo Siimboo Alammaayootiin meedaaliyaawwan warqii, akkasumas fiigicha kuma shanii dubaraan Maqdas Alamisheetiin, dhiiraan Abdiisaa Fayyisaatiin meedaaliyaa meetii argateetti.

Atileet Siimboon dorgommicha daqiiqaa 9:12.71tti raawwachuun riikardii addunyaa fooyyeesiteetti. Madiinaa Iisaas daqiiqaa 14:39.71 raawwachuudhaan riikardii bakkichaa fooyyeesiteetti. Shaampiyoonichaan Itoophiyaan meedaaliyaawwan warqii lamaafi meetii lamaan gabatee meedaaliyaa hanga kaleessaatti dursaa jirti.


Qabxiinsaani nuu dhaqqabuu baatus kaleessa dorgommiin suksuka dhiiraa meetira kuma kudhanii dubartootaa Hiywot Ambaawuufi atileet Birihaan Muluu hirmaachisee adeemsifameera.

Fiigichi meetira 800 dhiiraan Jeneraal Birhaanuu, dubaraan Asteer Areerii, meetira kuma sadii dubaraan Allashiny Baawwaqaafi Maartaa Alammaayoo

hirmaataniiru.

Itoophiyaa olompikii Tokiyoo 33ffaa dhiheenya kana Paariisitti adeemsifametti meedaaliyaa warqii takkaafi meetii sadiin qofa argachuunshii kan yaadatamuudha. Kanaan dorgommiiwwan hanga kaleessaatti adeemsifamaniin meedaaliyaawwan Olompikii Paariisirratti dhabde shaampiyoonii kanaan milkeeffachaa jirti.

Itoophiyaan shaampiyoonaa 19ffaa waggaa lama dura Kolombiyaatti adeemsifametti meedaaliyaawwan warqii jaha, meetii shaniifi nahaasa tokko dimshaashumatti meedaaliyaa 12n Afrikaarraa sadarkaa tokkoffaa, addunyaarraa ammoo sadaffaa ta'uunshii niyaadatama.



“Murna misooma ispoortii Itoophiyaa duubatti harkisaa jiruuf callisni furmaata hinta'u”

- Obbo Taammiraat Baqqalaa

Finfinnee: Addunyaarratti ispoortii guddaan olompikiin adeemsifamuuf wayita dhihaatu Itoophiyaa keessatti walitti wacuum kan baratameedha.

Filannoo atileetotaarraa kaasee hanga dhimmoota guguddoo bulchiinsaatti unkuruum kan beekamu koreen olompikii Itoophiyaa, Olompikii 33ffaa Paariis kan dhiheenya kana Faransaayitti adeemsifames kan xumurame haaluma baratame kanaan.

Koreen olompikii Itoophiyaa filannoo hojii raawwachiiftuurraa kaasee dhimmoota guguddoota baay'eerratti adeemsisaa seeraan ala jedhamuudhaan ceepha'amaa tureera.

Qaamni Mootummaa kan ispoortii gaggeessu ammoo hanga ammaatti callisuu filateera. Kunimmoo guddina ispoortii biyyattii kan miidhu waan ta'eef dhimma xiyyeeffannoo hatattamaa barbaadu ta'uu dagatamuu hinqabu.

Dhimmoonni kun gadi fageenyaan qoratamanii furmaanni waaraa yoo kennameefin alatti faayidaan walqabsiifamee hojiin shiraa namoota dhuunfaa fayyaduuf taasifamu guddina ispoortii biyyattii kan quucarsu akka ta'es ifadha.

Obbo Taammiraat Baqqalaa waggoota kurnan darbaniif koreen olompikii Itoophiyaatti barreessaa olaanaafi Ittigaafatamaa Waajjira Koree Olompikii ta'uudhaan tajaajilaniiru.



Olompikii Landaniifi Riyoo, akkasumas olompikoota dargaggootaa lammaffaafi sadaffaa dursaa garee ta'uudhaan hojjetaniiru. Hojiisaanii wajjin walqabatee koree olompikii biyyoolessaatiin leenjiiwwan kennaman hordofuu, akkasumas yaa'iiwwan adda addaarratti argamuuf carraa baay'ee argataniiru.

Akka ibsasaaniitti, koreewwan olompikii biyyaalessaa kan hundaa'an waldaalee mana maree ispoortitiin yoo ta'u, beekamtiin kan kennamuuf ispoorticha olaantummaadhaan kan dursu qaama Mootummaa (Miinsteera Aadaafi Ispoortii Federaalaa)ti.

Qaamni kunis akkaataa taayitaan labsiidhaan waldaalee ispoortii biyyaalessaaf kennan ni galmeessa, beekamtiifi eeyyamas nikennaaf. Kanaafuu Koreen Olompikii Itoophiyaas akkuma waldaaleewwan ispoortii biroo

(Federeeshinoota) adeemsasaa hordofuuf kan gurmaa'eedha.

Kana booddee ammoo chaartarii koree olompikii biyyaalessaa waliin ta'uun hojiisaa hojjeta.

Kana malees Olompikiin sadarkaa biyyaatti akka babal'atu, Seera olompikii danbii keessatti akka hammatamu, koree keessatti qaamni miseensa ta'u enyu fa'i? kan geeddaraman hoo, kkf hojiiwwan gaafatan hordofuutu isarraa eegama jedhu.

Bu'uura kanaan Koreen Olompikii biyyaalessaa seera dhaabbataa biyyoolessaa qabaatus olaantummaadhaan garuu seera ispoortii biyyaalessaa hammataatiin durfama jedhu yoo ibsan.

Waldaaleen ispoortii waggaa afur afuriin kan haaromfaman yoo ta'u, seeraafi danbii kanneen hinkabajne ammoo qaamni mootummaa alseerummaa qaqqabaa jiru kana dhaabuu akka danda'u seerri eeyyamaafii jedhu.

Ammaan tana koree olompikii biyyaalessaa Itoophiyaatiin taasifamaa kan jiru qaamni mootummaa obsaan dabarsaa waan jiruuf akka fedhan ta'aa misooma ispoortii biyyattii quucarsaa jiraachuu akka komiitti kaasu.

Seerri Chaartarii koree biyyaalessaa akka tumametti koree Olompikii biyyaalessaa keessatti hogganaan mootummaa hojii raawwachiiftuu ta'ee hin ramadamu jedha. Akka seera Itoophiyaatti koreen

hojii raawwachiiftuu waldaalee Amaataroota waan ta'aniif hoggantoota federeeshinootaa ta'uu danda'u jedha.

Haata'u malee koreen olompikii biyyoolessaa abbootiin taayitaa mootummaa (kannaan mootummaadhaan mudaman), akkasumas qaamoleen ummata filataman koree hojii raawwachiiftuu keessatti hammatamuu akka dhorku obbo Taammiraat kan ibsan.

Haalli kun qajeelcha waldaalee ispoortii Itoophiyaa jalatti hojiirra yoo oole koreen hojii raawwachiiftuu olompikii Itoophiyaa akkuma federeeshinoota biroo gaaddisa seeraa kana jalatti buluunsanii dirqama.

Walldhabdeen mudataa jiru kun misooma ispoortii olompikii kan miidhu beekamti biyyi keenya atileetiksiin qabdu kan hubu waan ta'eef laayyooti ilaalamuu akka hinqabne yoo dhaamu ispoortiin Itoophiyaa walxaxaa keessaa bahee seenaqabeessummaasaatti deebi'uu mala ergaa jedhus dabarsaniiru.

Qaamni dhimmisaa ilaallatus xiyyeeffannoo laatee irratti yoo hojjetee alatti iftaaniifis hudhaa ta'ee ittifuunsaa waan oolu miti.

Ammaan tana hojiirra kan jiru koreen olompikii Itoophiyaa kana qofaa miti Seera Chaartarii olompikii cabsuudhaan yakka baay'ee hojjechaa akka jiru kan tuqan Obbo Taammiraat, dhaabbileen sakatta'iinsi taasifamee furamuu akka maluudha kan kaasan.

Ilaamee...



Waamicha Diyaaspooraa Oromootiif: Irreecha 2024f gara biyya abbaa keessanii koottaa!

Kabajamtoota Diyaaspooraa Oromoo;

Jala bultii kabaja ayyaana Irreechaa bara 2024 (ALA) kanatti, obboloota keenya biyya alaa jirtan hundaaf gara biyya keessanitti deebitanii ayaanicha akka nu waliin dabarsitan affeerraa onneerraa madde isinii dhiheessuun barbaada.

Irreechi eenyummaafi achii-dhuftee keenya. Irreechi hafuura socho'aa ummata Oromoo waggoota kumaatamaa ofkeessaa qaba. Hambaan seenaafi duudhaan badhaadhe kun, addunyaa kanarra cessayyuu yoojiraanne, hidda dhiigaa keenya keessaa kan naanna'uudha.

Sirni ayaanichaa, araara jireenyaafi dila dilbii arganneef, galata uumaa keenya Waaqaaf, akkasumas marartoo waliif qabnu ibsachuuf, xurree abbootii keenyaa argachuufi hidhata cimaa dachee nubaattu waliin qabnu haaromfachuuf carraa nuu kenna.

Mirgi kabaja ayyaana Irreechaa ummata keenyaa jaarraa tokkoo oliif sarbamee turuun isaa seenaa kaleessaati. Sirnoonni walirraa lufan duudhaa kana moggeessuuf itti duulaniiru; hidhata ummanni keenya ittiin qabu kutuuf hojjetaniiru. Ta'us abbootiin keenya hinjilbiifanne.

Wareegama hinleeyyamfanneefi qabsoo bara dheeraatiin bada olchaniiru. Adeemsi kun, jabina, dandamannaafi kutannoo hinreeqqifne ummanni Oromoo hamba aadaa isaa tiksuuftu kunuunsuu qabuuf, ragaa yoomiyyuu hin dhokanne ta'ee dhaabbata.

Tokkoo tokkoon kabaja ayyaana Irreechaa, agarsiiftuu injifannoo cunqursa irratti argameefi bilisummaa cichoovina, kutannoofi gatii qaaliin dhugoometi. Nubira darbee, sirna hambaafi dhaalmi abbootiifi haadholii keenyaa itti kabajamu. Waggaa waggaan yemmuu Hora Harsadi, Hora Finfinnee, Malkaa Ateeteefi iddoowwan ulfoo birootti walitti qabamnu, gatii bilisummaa keenyaaf bahe nuyaadachiisa.

Kurnee lama dura yaa'ii lakkoofsa namoota xiqqaan, Hora Harsadiitti irradeebiin

kan jalqabe Irreechi, har'a feestivaala damboobaa ta'eera. Waggaa shanii as ammoo, Irreechi Hora Finfinnee haaromee, magaalaa guddoofi handhuura Oromiyaa, Magaalaa Finfinneetti kabajamuun madda gammachuufi milkii miliyoonotaa ta'aa jira.

Har'a Irreechi duudhaa yaadatamu qofa osoo hintaane, hamba kiliyaafi taatee addaa muuziqaa, faarfannaa, hurrisaafi miira tokkummaa cimaa ta'een jiraatamuudha. Akkasumas, gara ayyaana guyyaa galateeffannaa biyyoolessaafi kaarniivaala gammachiisaa namni kamuu keessaaf alaa waloon irratti hirmaatuufi jaalalaan itti wal affeerutti ce'eera.

Akkaataa har'a Irreechi harka diriirsee nama kamuu simatu arguun heddu kan nama boonsuudha. Namoonni dudduubee garagaraafi sabaan Oromoo hintaanellee kabaja ayaanichaa irratti hirmaachuu qofa osoo hintaane, faajjii nagaa, walmararfannaa, milkiifi tokkummaa taasisuun fudhachaa jiru.

Golee Itoophiyaa hundarraa, namoonni hedduun Irreecha ulfeessuuf, eebbasaarraa hirmaachuuf, akkasumas ulfina hinsheeyinofne kanarratti ummata keenya walalchuuf tokkummaan argamaa jiru.

Irreechi maddasaa ummata Oromoo bira darbee, sabootaaf mallattoo abdi, ofkaltiifi araara ta'eera.

Wanti ajaa'ibsiisaan biraa, Irreechi daangaa Oromiyaafti Itiyooophiyaa qaxxaamuruu isaati. Bara darbe, obboloonni keenya Oromoo biyya Keeniyaa, daangaa idil-addunyaa ce'uun nu waliin hirmaachuun gamtummaa cimaa qaban nuuf ibsaniiru.

Barana ammoo Oromoon addunyaa mara irra jiru ayaanichaaf fuula isaa gara lafa eenyummaa isaatti akka deebifatu abdanna. Irreechi ummata Oromootiif faajjii tokkummaa daangaa siyaasaa, bakka jireenyaa, amantaafi ilaalcha siyaasaa caalu ta'eera.

Haata'u malee, qaamni murteessaan ammallee guutummaatti qooddataa eebba

kanaa hintaane nijira, diyaaspooraan Oromoo. Argamuun diyaaspooraa Oromoo deebii dhuma hibboo keenyaati.

Akka dhala Oromoo daangaa addunyaa maratti faffaca'etti, hirmaannaan keessan hirdhuu kabaja ayaanicha guuta; fageenyi kamuu walitti dhufeenya hamba, aadaafi eenyummaa ummata keenyaa waliin qabnu kan hinhir'isne ta'uu agarsiisa. Oromoota idiladdunyaa gidduutti mallattoo tokkummaa oljiraa ta'ee tajaajila.

Waan ta'ee, dhaloota lammaffaa diyaaspooraa Oromootiif waamicha onnee irraa madde addatti isiniif dabarsuun barbaada. Kun waamicha hirmaannaa ayaanichaa qofa miti; affeerraa kadhaa hundee keessan waliin deebitanii akka hidhata ummattan isiniif taasisuudha.

Mee Hora Harsaditti, dha'annaa onnee waloo Oromoota miliyoonotaa, uffata kuula gargariin dirame uffatan, sirba sagalee kilolee, faarfannaa "Mareehoo, hursafi qawwisaa, ifa booqaa birraa, qilleensa lallaafaa nama qirqirsu, urgaa abaaboo birraa haaraa daraaree iddoofi sa'aa tokkotti argamu keessatti ofyaadaa.

Mee akkuma abbootiin keessan jaarraa hedduuf raawwataa turan, yeroo marga magariisa bishaan qulqulluu keessa cuuphuudhaan walitti dhufeenya yabuu lafaafi Waaqa waliin qabdan haaromsitan ofyaadaa. Irreechi kakuu jiraataa kan darbeefi kan jiru, abbootiifi dhala keessan egeree riqicha ta'ee walqunnamsiisuudha. Yeroon gara lafa eenyummaa keessaniitti imaltan amma ta'uu kan qabu kanaafi.

Imalli kun feestivaala irratti hirmaachuun achitti, hidhata hundee ofii haaromsuudha; carraa hubannoo eenyummaa ofii dhugaa waliin qabnu jabeessuudha.

Carraa magaalotaafi gandoota Oromiyaa yeroo ta'e abbaafi akaakayyuu keessan itti horanii horsiisan, naatoo teessuma lafaa, faaruu sinbirrootaa, akaakuu biqilootaafi bineensotaa sirboota, walaloofi afoola isaanii keessatti siniif caqasaa turan ijaan

arguuti.

Irreecha 2024 irratti nu waliin hirmaachuun ayyaana tokko qofa qooddachuun miti; qaama seenaa hamba jiraataa yeroofi hirbuun umamee ta'uudha. Akkasumas, walitti hidhamiinsa Oromoo, Oromiyaadhaa hanga golee addunyaa fagootti jiru jabeessuudha.

Irreecha 2024 irratti argamuun, hidhata hidda keessan waliin qabdan deebistanii happeessuu qofa osoo hintaane, dhaloota dargaggoota Oromootiif xombora kaka'umsa ta'aa. Kabaja eenyummaa keessaniif qabdaniin, kutaa addunyaa gara garaa irraa imaltanii dhufuun keessan, humnaafi icciitiin Oromummaa dilbii ta'uu kan itti agarsiisuudha.

Dachee keessanitti fuula deebifachuun keessan, hafuura tokkummaa, kutannoofi abdi dhaloota biyya jiruu kan haaromsu, akkasumas egereen keenya michichila amansiisarra dhaabbatee caalaatti akka mul'atu kan misiraachuudha.

Imalli kun, baay'ee keessaniif carraa addaa gara qe'eefti biyya abbaa keessaniitti deebi'uu kan banuudha. Ayyaana ulfoo kana nu waliin qooddachuun, milkii Irreechaa hundee eenyummaa keessanii ishee dhugaatti deebi'aa. Gamtaan taanee ofkaltii darbeef galata dhiyeessinee, abdi egereef waadaa gallee, yeroo milkaa'ina ummata keenya waliin haaromsinu haataasifannu.

Irreechi isiniin guutuu ta'a; malkaan isiniin miidhaga koottaa! Nuti gama keenyan, fuula ifaafi miira obbolommaatiin, biyya abbaa keessaniitti isin simachuufi isin keessummeessuuf qophoofnee isin eegaa jirra.

Irra deebiin, gara lafaafi nama keessaniitti deebi'uun, Irreechaa bara 2024 mararfannaan akka waliin oollu, maqaa kiyyaafi maqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin waamicha kabajaa isinii dhiyeessuun barbaada.

Shimallis Abdiisaa,

Pirezidaantii MNO